QEEQA ASOOSAMA DHEERAA YEROON SIIF HAADHIISTUU IJA YAADXINA XIINSAMMUUTIIN

QORATTUUN: BIRAANEE LACHIISAATI

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARSIISU ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'E, YUUNIVARSIITII JIMMAA, KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANITIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUUF DHIYAATE

WAXABAJJII, 2016

JIMMAA, ITOOPHIYAA

Yunivarsiitii jimmaa

Kolleejjii Saayinsii Hawaasaa fi Humaanitiitti

Muummee Afaan Oromoo fi Ogbarruu

Qeeqa Asoosama Dheeraa yeroon Siif Haadhiistuu Ija Yaadxina Xiinsammuutiin

Qorattuun: Birhaanee Lachiisaa

Gorsituun: Iristee Akkawaaq (Ass. Prof)

Gorsaa Gargaaraa: Taaddasaa Hirphaa

Waxabajjii, 2016

Jimmaa, Itoophiyaa

Yuunivarsiitii Jimmaa

Dhaabbata Qorannoo Digrii Lammaffaa

Waraqaa qorannoo ulaagaa digrii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo fi Ogbarruu barsiisuutiin guuttachuuf Birhaanee Lachiisaa Mata duree: Qeeqa Asoosama Dheeraa Afaan Oromoo Yeroon Siif Haadhiistuu Ija Yaadxina xiinsammuu jedhurratti qophaa'e adeemsa barbaachisu guutee dhiyaatedha.

Maqaa Qorattuu_____Mallattoo_____Guyyaa_____

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa_____Mallattoo_____Guyyaa_____

Qoraa Keesaa_____Mallattoo_____Guyyaa_____

Gorsaa_____Mallattoo_____Guyyaa_____

Gorsaa gargaaraa_____Mallattoo_____Guyyaa_____

IBSA

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu fi kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hin dhiyaanne ta'uu isaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbise irraa haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: Birhaanee Lachiisaa

Mallattoo_____

Guyyaa_____

GALATA

Hunda dura qorannoo kana jalqabsiisee kan naxumuursise galanni Waaqa guddaadhaaf haata'u jechaa, itti aansuun qorannoo kana yeroon hojjedhutti hamilee fi kaka'umsa daangaa hin qabneen dadhabbii fi nuffii tokko malee yeroo isaanii aarsaa naaf gochuun gorsaafi hubannoo cimaa kan naaf gochuudhaan kallattii naqabsiisuudhaan kan na gorsaa turan gorsituu koo Ass. Pro.Iristee Akkawaaq galata guddaa nabiraa qabaniif ulfaadhaan jedhaan.

Akkasumas, hojii qorannoo kana keessatti milkaa'ina hojiikootiif gorsaa fi deeggarsa ogummaa naaf kennuun kan naqajeelchaa fi najajjabeessaa turan gargaaraa gorsaakoo kan ta'an obbo Taaddasaa Hirphaa otoon hin galateeffatiin bira hin darbu. Dabalataansii, rakkoo hammaataa ummanni Oromoo keessa tureefi keessa jiru, akkasumas haala rakkisaa keessatti kitaaba asoosamaa barreessanii dhaloota har'aa ykn dubbistoota biraan gahuufi ogbarruu barreeffama Afaan Oromoof gahee lammummaa isaanii bahuun, anaafis mataduree qorannoo koo irratti akkan gaggeessu bu'uura kan naaf taa'an barreessaa asoosamaa Yeroon Siif Haadhiistu, Isaayaas Hordofaa osoon hin galateeffatiin hindarbu, ammas qalamni keessan daddabalee haa mirgisu jechuuniin barbaada.

AXEERARA

Ogbarruun hojii kalaqaa bifa barreeffamaafi afoolaatiin mul'atu ta'ee, jechootatti dhimma bahuun waa'een jireenya namaa namaan qindaa'ee deebi'ee namaaf kan dhiyaatudha. Asoosamni hojiilee kalaqaa keessaa tokko ta'ee jiruufi jireenya hawaasa tokkoo akka daawwitiitti kan mul'isuu dha. Qorattuun qorannicha, qeeqa asoosama dheeraa 'Yeroon siif haadhiistu' yaadxina xiinsammuutiin qeequun kaayyoolee gooree; miidhaa xinsammuu gama hawaasummaa, diinagdeefi safuutiin asoosamicha keessatti nam-fakkiilee irratti mul'ate, akkasumas yaadotni barreeffamicha yookiin asoosamicha keessatti argaman dubbistoota garamitti qajeelchu kan jedhu mala qorannoo qulqulleeffataatiin gaggeessitee argannoowwan armaan gadiirra geesseetti. Argannoowwan ishees kanneen armaan gadiiti. Asoosamicha keessatti taateewwan kanneen akka hawaasummaa, safuufi diinagdeen kan mul'atan yoo ta'u taateewwan kunniinis gama xiinsammuu nam-fakkiilee asoosamicha keessatti argaman irratti karaalee garaagaraatiin dhiibbaa irratti taasisaniiru. Gama hawaasummaatiin namni jiruufi jireenyasaa fooyyessuufi jiraachuuf jecha otoo beekuus ta'e otoo hin beekiin hojii hawaasa keessatti safuu cabsuufi balaaleffannaan isarra gahu hojjachuu danda'a. Rakkoolee xiinsammuu armaan gadiirraa kan ka'es ta'uu dandaa'a. Akkaataa guddinaa, ilaalcha namni sun qabu, hawaasa inni keessatti guddateefi oolmaan isaa yookiin hariiroon inni hiriyyoota isaa waliin qabu murteessoodha. Yaadotni barreeffamicha keessatti argaman dubbistoota gara kallattii armaan gadiitti qajeelchaniiru. Kan miira gaabbii yookiin ceephoo namatti horan, kan miira kutannoo namatti horan, kan miira gammachiisee deebisee nama gaddisiisu namatti horan, kan miira gaddaa namatti horaniifi kan miira gammachuu namatti horan ta'uun qorannoo kanaan mirkanaa'eera. Asoosamicha keessattis dhimmootni fedhiiwwan riphaa ilmaan namaa haalota inaaffaan, abjuun, marartee fi maraatummaan calaqisaniiru.

Baafata **Fuula**

GALATA I

AXEERARA II

BOQONNAA TOKKO: SEENSA 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa 1

1.2. Ka'umsa Qorannicha 2

1.3. Kaayyoo Qorannichaa 4

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa 4

1.5. Daangaa Qorannichaa 4

1.6. Hanqina Qorannichaa 5

1.7. Qindaa'ina Qabiyyee Qorannichaa 5

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKAATANII 6

2.1. Maalummaa Ogbarruu 6

2.2. Faayidaa Ogbarruu 6

2.3. Qeeqa Ogbarruu 7

2.4. Faayidaa Qeeqa Ogbarruu 8

2.9. Yaadxina Qeeqa Ogbarruu 8

2.10. Maddaafi Xinxala Xiinsammuu 8

2.14. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii 9

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA 11

3.1. Saxaxa Qorannichaa 11

3.2. Mala Qorannoo 11

3.3. Gosa Qorannichaa 12

3.4. Madda Ragaa Qorannichaa 12

3.5. Mala Iddatteessuu 12

3.6. Mala Funaansa Ragaalee 12

3.7. Tooftaa qaacceessa Ragaalee 13

BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI HIIKA RAGAALEE 14

Cuunfaa Jaargocha Asoosama Yeroon Siif Haadhiistuu 14

4.3. Miidhaa xiinsammuu gama hawaasummaatin, diinagdeefi safuutiin nam-fakkiilee asoosamicha keessatti argaman irratti mul'ate. 16

4.4. Yaadotni asoosamicha keessatti argaman xiinsammuu dubbistoota garamitti akka qajeelchan. ..26
4.5. Asoosama filatame keessatti dhimmootni fedhiiwwan riphaa ilmaan namaa akkaataa itti calaqqisan 34
BOQONNAA SHAN : CUUNFAA, ARGANNOO FI KALLATTI GARA FUULA DURAA..... 39
5.1. Cuunfaa 39
5.2. Argannoo..... 40
5.3. Kallattii Gara fuuladuraa 41
Dabalee 42

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Qorannoon kun yaaxxinaalee ogbarruuwwan ittiin qeeqaman keessaa yaaxxina ‘Xiinsammuutti’ fayyadamuun asoosama Afaan Oromoo ‘*Yeroon Siif Haadhiistu*’ jedhu qeequudha. Haaluma kanaan boqonnaan kun boqonnaawwan itti aananiif bu’uura kanneen ta’an: seenduubee, ka’umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi akkasumas qindoomina qorannichaa qindeessee dhiyeesse.

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Yeroo baay’ee haayyotni afaaniifi ogbarruu, ogbarruudhaaf hiika adda addaa yeroo kennantu mul’ata. Kun immoo, hiikni walfakkaataafi dhaabbataa ta’e tokko isaan biratti akka hin jiraanne taasiseera. Haata’uutii garuu haayyotni kunniin ogbarruudhaan dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti waan isa muudatu, miira, fedhii, hawwii akkasumas muuxannoo isaarraa ka’ee jiruuf jireenya isaa kan ittiin ibsatuufi dabarfatu ta’uu isaarratti waliigalu. Haaluma kanaan hayyotni garaagaraa hiika ogbarruutiif yaadota adda addaa kennaa turaniiru.

Asafaan (2009, f. 32) akka armaan gadiitti ibsa:

> Ogbarruun ogummaa kalaqaa, waa uumuu ta’ee, kan muuxannoo jiruufi jireenya keenyaa haqa irratti ittiin yayyabnu, bu’uuressinuufi akka qabatamutti miidhagsineefi faayinee ittiin ibsinu. Ogbarruun mala ittiin waan hawaasummaaf bu’aa qabu tokko waliif dabarsinu, waan beekumsa ilmaan namaatti waa cobu tokko ittiin walii galaafnu.

Akkuma yaada armaan olii irraa hubachuun danda’amutti, ogbarruun kan hawaasni dhugaarratti hundaa’uun jiruuf jireenya isaa ittiin ibsatu, kukkuulee, babbareechee ittiin dabarfatuufi hawaasaan kalaqamee, hawaasuma keessaa waraabamee deebi’ee kan hawaasichaaf bu’aa buusu ta’uu isaa waraabbii olii kanarraa hubanna.

Zarihuun (2003) yaada kana deeggaruun yoo ibsu, ogbarruun hojii kalaqaa bifa barreeffamaafi afoolaatiin mul’atu ta’ee, jechootatti dhimma bahuun waa’ee jireenya namaa namaan qindaa’ee deebi’ee namaaf kan dhiyaatudha jedha. Asoosamni hojiilee kalaqaa keessaa tokko ta’ee jiruufi jireenya hawaasa tokkoo akka daawwitiitti kan mul’isuu dha.

Yaada kana deeggaruun Misgaanu (2012:15) akka armaan gadiitti ibsa:

> Asoosamni akaakuu yookaan gosa og-barruu barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwataman yookaan raawwatamuu danda'an ka'umsa godhatee akka hubannoofi ilaalcha isaatti dandeettii kalaquu isaatiin qindeessuudha. Akkasumas muuxannoo hawaasa keessa jiru hawaasichumaaf deebisee dhiyeessuu dha jedha.

Haaluma kanaan xinxaalli xiinsammuu dayeessota xiinsammuutiin kan ibsuufi kan qoratudha. Xiyyeeffannoon isaas, qabxiilee jireenya keessa namaa ibsan irraa ka`uun jireenya bu`uura keessoo barreessaas ta`e kan nam-fakkiilee barbaadee argachuurratti xiyyeeffata. Hojii ogbarruu tokko qorachuun Eenyummaa fi maalummaa waliigalaa barreessichaarra gahuun nidanda`ama jedhee waan yaduuf, Eenyummaa nama tokkoo beekuuf ulaagaalee xiinsammuu gargaaran irritti xiyyeeffata. Keessumaayyuu, ka`umsa fedhii keessoo namaa kanneen ibsanitti ulaagaalee Sigimoond Fruud (1900) ni ibsa.

Akkuma yaada armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, asoosamni gosa ogbarruu keessaa isa tokko ta'ee, kan barreessaan taateewwan addunyaa kanaa kan hawaasa keessa jiraataaniin bu'uura taasisuun yaada, ilaalcha akkasumas beekumsa isaa itti dabaluun kan kalaquudhaan debisee hawaasichumaaf kan dhiyeessudha. Haaluma kanaan qorannoon gaggeeffame kun "Qeeqa asoosama dheraa Yeroon siif haadhiistu" jedhu ija yaadxina xiinsammuutiin qaaccessuu waan ta'eef hanga tokko seenduubee kana jalatti maalummaa xiinxala xiinsammuu (Psychoanalysis) fi xiyyeeffannoo isaa ilaaluun barbaachisaadha.

1.2. Ka'umsa Qorannicha

Qorannoon adeemsifame kun asoosama qeequurratti kan xiyyeeffatedha. Asoosamni immoo dhimma hawaasa tokkoo kan calaqisiisuudha. Gama biraatiin asoosamni jiruufi jireenya hawaasa tokkoo hawaasa kaaniif ibsuufi haala guddina hawaasa sanaa calaqisiisuuf gargaara. Haalli kun immoo, waliitti dhufeenya hawaasa garagaraaf bu'uura ta'a. Asoosamoota afaan tokkoo karaa adda addaatiin qeequun ciminaafi hanqina isaanii adda baasuun guddina afaan tokkoof murteessaa dha. Gama akkaataa barreeffamichaatiin immoo jechoota filatamootti yoo dhimma bahamee dha. Kanaaf bifa asoosamni tokko ittiin barreeffame qeequun barbaachisaa dha. Sababni isaas yaanni asoosamichaa sirriitti hubatamuu kan danda'u qindoomina asoosamaafi itti fayyadama jechootaa irratti hundaa'uudhaan. Ogbarruun saba tokkoo guddachuudhaaf qeeqniifi

yaadni ijaarsaa garaagaraa irratti taasifamuun guddina ogbarruutiif gahee guddaa taphata.Yeroo dhiyoo as ogbarruu Oromoorrattis qeeqniifi yaadotni garaagaraa irratti kennamaa tureera ammas itti kennamaa jira. Haata'uutii garuu gama qeeqa xinsammuutiin hojiileen hojjatamanii taa'an muraasa ta'uu malu. Qorannoowwan armaan dura hojiilee ogbarruufi kanneen biroo irratti hojjetaman keessaa kan namoota muraasaa haala armaan gadiitiin dhiyaatanii jiru.

Qorannoowwan asoosamoota Afaan Oromootiin barreeffaman irratti gaggeeffaman keessaa tokko kan Faantaahun Alamuu (2005) Yunivarsiitii Wallaggaa Koolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namooma Damee Barnoota Afaan Oromoofi Obarruuf dhiyaate digrii lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisuutiin guuttachuuf asoosama 'Hawwii'fi 'Yeroon siif Hadhiistu' jedhaman ija yaaxxina feeminiizimiin qeeqee jira. Qorataan kun as keessatti asoosamichi hagam waa'ee dubartoota akka kaasu ibseera. Gama biraatiin immoo, Walqixxummaa koorniyaa irratti sakatta'a taasisee jira.

Akkasumas qorannoon biraa sakatta'ame qorannoo Murteessaan Bakari (2018) Xiinxala Asoosama *Yaadaa* Yaadxina Safuu Hawaasaatiin gaggeesse yoo ta'u, qorataanis dhimma safuu hawaasummaa irratti xiyyeeffatee kan gaggeessedha. Qorannoo qorattuun sakatta'uuf yaalte inni biroon kan Ayyalaa Dabaloo (2017), *Xiinxala Hiika Abjuu Oromoo* mataduree jedhu irratti kan gaggeeffame yoo ta'u, xiyyeeffannoon qorannoo isaas hiika abjuuwwan hawaasa Oromoo biratti qaban xiinxaluu irratti kan bu'uureffatedha.

Dhimma qeeqa asoosamaa irratti xiyyeeffachuun isaa qeeqa asoosama qorattuun gaggeessite waliin dhimma walfakkeessu yoo ta'u, qorattuun qeeqa asoosama dheeraa Yeroon Siif Haadhiistu jedhu ija yaadxina xiinsammuutiin gaggeessuun ishee adda taasisa. Yaadxina kanaanis qorannoowwan gama yaadxina kanaan walqabatan sakatta'a qorattuun taasisteen baay'inaan waan hin jirreef gama isheetiin qaawwaa mul'ate erga adda baafattee booda qorannoo kana gaggeessiteetti.

Haaluma kanaan, qorannichi gaaffilee qorannoo armaan gadiitiif deebii kennuuf ni yaala.

1. Miidhaan xiinsammuu gama hawaasummaa, diinagdeefi safuutiin nam-fakkiilee asoosamicha keessatti argaman irratti mul'atan maal fakkaatu?
2. Yaadonni asoosamicha keessatti argaman dubbistoota garamitti qajeelchu?
3. Asoosama filatame keessatti dhimmootni fedhiiwwan riphaa ilmaan namaa akkaataa kamiin calaqqisani?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Asoosama dheeraa *Yeroon Siif Haadhiistu* jedhu ija yaadxina xiinsammuutiin qeequudha.

1.3.2. Kaayyoowwan Gooree

- Miidhaan xiinsammuu gama hawaasummaatin, diinagdeefi safuutiin namfakkiilee asoosamicha keessatti argaman irratti mul'atan maal akka fakkaatan ibsuu.
- Yaadotni asoosamicha keessatti argaman Xiinsammuu dubbistoota garamitti akka qajeelchan ibsuu.
- Asoosama filatame keessatti dhimmootni fedhiiwwan riphaa ilmaan namaa akkaataa itti calaqqisan ibsuu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan gaggeeffamuuf fayidaa inni barreeffama ogbarruu Oromoo guddisuu keessatti xiqqaatus shoora mataa isaa qaba jettee qorattuun waan itti amanteefidha. Qorannoon gara fuuladuraatti adeemsifamuuf jiru kun bu'aawwan armaan gadii kennuu danda'a.

- Namoota gara fuula duraatti qorannoo kana fakkaatu adeemsisuu barbaadaniif ka'umsa ta'uufi dandaa'a.
- Barreessitootniifi dubbistoonni asoosamaa qorannoo kana argatanii yoo dubbisan hamma tokko hubannoo ogbarruu ni argatu.

Walumaa galatti qorannoon adeemsifame kun guddina Afaan Oromoofi ogbarruu Oromootiif shoora mataa isaa taphata.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Amaloota qorannoon ittiin beekamuufi ittiin gaggeeffamu keessaa tokko daangaa qorannoo yoo ta'u, qorannoon asoosamoota Afaan Oromoo jiran irratti gaggeessuun baasiifi humna guddaa akkasumas yeroo bal'aa gaafachuu waan danda'uuf asoosamoota jiran irratti qorannoo gaggeessuun nama tokkotti ulfaachuu dandaa'a. Kanaaf daangaan waraqaa qorannoo kanaa asoosama *Yeroon siifhaadhiistu* jedhu kan Isaayyaas Hordofaatiin bara 2013 ALHtti barreeffame ija yaadxina xiinsammuutiin qeequu irratti xiyyeeffchuun kan daangeffamu ta'a. Qorannoo

gaggeeffame kana keessattis dhimmootni xiinsammuun wal qabatan ilaalamanii qaaceffamaniiru.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo gaggeessuu keessatti hanqinoonni qorattuu mudatan jiraachuu malu.Isaanis akka armaan gadiitti dhiyaataniiru:

- Qorannoo walfakkii haala quubsaa ta'een argachuu dhabuu.
- Hanqina bajataa quunname.

Qorattuunis hanqinoota qorannicha keessatti mudatan tooftaalee garaagaraan maqsiteetti. Gama qorannoo walfakkaataniin gorsituu ishee waliin ta'uun iyyaafannoo gochuun qorannoo mata duree isheerratti hojjettuun walfakkaatan muraasatti fayyadamuufi yeroo boqonnaa isheetti ciminaan hojjachuudhaan hanqinoota kanneen furuu dandeesseetti.

1.7. Qindaa'ina Qabiyyee Qorannichaa

Waraqaan qorannoo kun boqonnaalee gurguddoo shan jalatti kan qoodame yoo ta'u, boqonnaan tokkoffaan seensa. Seensa jalatti kan hammataman seenduubee, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaafi daangaa qorannichaati. Boqonnaan lama immoo, sakatta'a barruuwwan walfakkaataniiti. Bakka kanatti barreeffamoota garaagaraa kanneen mata duree qorannichaa wajjin deemaniifi hubannoon irraa argamuu danda'u dubbisuudhaan mata duricha wajjin walsimsiisuun dhihaate. Itti aansuun, qorannooleen mata-duree qorannoo kanaatiin walitti dhufeenya qaban duraa duubaan keessatti dhihaataniiru. Boqonnaa sadaffaan, mala qorannichaatiin walqabatee dhimmoonni jiran ka'aniiru. Isaanis, saxaxa qorannicha geggeessuuf filatame, gosa qorannichaa, iddattoofi tooftaa iddatteessuu, mala qorannichaa, madda ragaa, meeshaa funaansa ragaafi malli xiinxaala ragaa walduraa duubaan dhiyaataniiru. Boqonnaa afur jalatti, immoo, qaaccessa ragaatu dhiyaate. Ragaan kan funaaname kitaaba eerame irra deddeebi'uun dubbisuudhaani. Boqonnaan shanaffaan cuunfaa, argannoofi kallattiin gara fuulduraa qorannichaa qindaa'ee kan itti dhiyaatedha.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKAATANII

Boqonnaa kana jalatti yaadolee beektotni adda addaa kanneen mata duree qorannoo kanaa wajjin walfakkaatantu qindoominaan dhiyaate. Haaluma Kanaan, maalummaa ogbarruu, faayidaa ogbarruu, gosoota ogbarruu, qeeqa ogbarruu, asoosama, Maddaafi xinxaala xiinsammuu, yaad rimeefi sakatta'a qorannoo walfakkaatanii ibsuurratti xiyyeeffata.

2.1. Maalummaa Ogbarruu

Hayyoonni ogabarruudhaaf hiika garaa garaa kennaniiru**.** Ogbarruun gadifageenyaan yemmuu ilaalamu hojii barreeffamaan jiru hunda ilaallata. Asafaan (2009, f.16) Ogbarruun ogummaa umurii dheeraa qabu waan ta'eef qorannoon garaa garaa irratti geggeeffamuuf yaannii fi mormiiwwan adda addaa irrattii taasisamuu ibseera. Garuu ogbarruun waa'ee uummataa uummataaf deebisee kan dhiyeessu daawwitii jiruuf jireenya dhala namaa akka ta'e ibsa. Sababni ogbarruun hiika adda addaa akka qabaatu ta'eefis hayyoonni seenaa, falaasamaa, siyaasaa, seeraa fi kanneen biroollee gama ogummaa isaaniitiin ilaaluun hiika waan itti kennaniif jechuun lafa kaa'ee jira.

Ogbarruun hojii barreeffamaan wal qabatu ta'ee yaada, dhageettii fi ilaalcha namni jireenyaaf qabu kan walitti fiduudha. Ogbarruun barreeffamaa dameewwan garaa garaatti qoqqoodama. Akka Biraanuun (2009:21) Beach & Marshal (1991) wabeeffachuun ibsutti ogbarruun dameewwan gurguddoo sadiitti qoodamu. Isaanis: asoosama, diraamaa fi ogwalaloodha.Yaaduma kana deggeruun Dastaan (2013:8) waa'ee qooddiwwan ogbarruu yeroo ibsu, "ogbarruun barreeffamaa bakka gurguddoo sadiitti qoqqoodamuu danda'u" jedha. Isaanis; diraamaa, asoosama fi ogwalaloo akka ta'e ibseera.

Akka Meyer (2005) jedhutti ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee, argaa yaadaan kan barreeffamu, kan jechoota filatamoo fi ogummaan guutamaniin miidhagee barreeffamee muuxannoo, dhageettii, gammachuu fi ilaalchawwan adda addaa dabarsuudha. Hojiin ogbarruu kunis, ta'iinsa qabatamaan mullatu bu'uura godhatee kan kalaqamuu fi haala walaloon, diraamaa fi seeneffamaan yookiin asoosamaan kan mullachuu danda'uudha jedha.

2.2. Faayidaa Ogbarruu

Ogbarruun fedhii, hawwii, ilaalcha, falaasama, dinagdee, siyaasa hawaasa tokkoofi kanneen biroos calaqqisiisuuf gargaara. Akka Asaffaan (2009) ibsetti ogbarruun haala jiruufi jireenya

hawaasa tokkoo kan agrsiisu hariiroo hawaasni sadarkaa adda ddaatti qabu kan mul'isu fi seena darbe kan ittiin yaadachisaanidha. Kunis, dhiphina, gidiraa, soba, haxxummaa, mamii, fakkeessaa, ofittummaa, hannaafi kkf hawaasa keessaa ifatti baasee kan mul'isudha. Dabalataanis ogbarruun haqa dabe ibsuuf, kanneen fafa ta'aniifi hin taane adda baasee agarsiisuuf waan sirriif dogoggora ta'e addaan baasee kan barsiisuudha.

Gama biraatiin faayidaa ogbarruu Lazar (2009:3) akkas jechuun ibsitetti:

> Literary texts have a powerful function in raising moral and ethical concerns in the classroom. The tasks and activities we devise to exploit these texts should encourage our students to explore these concerns and connect them with the struggle for a better society. In fact, being made to read texts so alien to their own experience and background may only increase students' sense of frustration, inferiority and evenpowerlessness.

Yaada armaan olii irraa akka hubannutti barreeffamoonni ogbarruu daree barnootaa keessatti safuufi naamuusa barsiisuuf humna guddaa kan qabanidha. Barattoonni barreeffamoota ogbarruu yeroo dubbisan muuxannoofi dandeettii waa xiinxaluu dabalaa akka adeemaniifi fedhii dubbisuu illee horachaa akka adeemanif isaan gargaara. Walumaa galatti ogbarruun barreeffamaan dhalootarraa dhalootatti kan darbu ta'ee daree barnootaa keessatti barattoota ittiin barsiisuuf humna cimaa kan of keessaa qabanuufi barattoota sissi'eessuun yookiin dadammaksuun bashannansiisaa kan barsiisudha.

2.3. Qeeqa Ogbarruu

Jecha qeeqa jedhuuf yeroo baay'ee namoota baay'ee biratti hiikni walfakkaataa ta'e hin kennamne. Sababni isaas, namoonni yeroo baay'ee jecha kana akka hanqinatti waan ilaalanfidha. Yeroo maras akka waan rakkinaafi mudaa qofaa ilaalanitti kan yaadamudha. Jechi kun garuu hiika sanaa olii kan qabu dha. kunis jecha Giriiki "kritikos" jedhurraa kan madde yoo tahu, hiikni isaa madaaluu yookiin murteessuu jechuudha. Waa'ee bareedinaa, dhugaa, sona waan tokkoo ciminaafi hanqina isaa madaaluudha. Qeeqni dandeettii dubbisuu keenyaa gabbifachuun rakinoota mul'ataniif furmaata kennuudha. Dabalataanis waan dubbisanii hubataniif yaad-deebii kennuu danda'uudha. Jechi qeeqa jedhu jecha Giriikotaa duraanii "*krites*" jedhamu irraa kan dhufe yoo ta'u, hiikni isaas murtoo kennuu akka jechuuti. Hojiin isaas kan jalqabe adeemsa waloon tokko walaloo isaa ittiin barreessu, qindeessu, dhaamsa ittiin dabarsu, haala ijaarsa bo'oowwan walaloo, dhiibbaa walaloon sun miira dhaggeeffataa yookaan dubbisaa isaarraan

ga’uufi hariiroo inni hordoftoota isaa waliin qabu addaan baasanii beekuuf kan itti gargaaramaan akka ta’e namatti mul'isa. Habib (2005: f. 1).

2.4. Faayidaa Qeeqa Ogbarruu

Ogbarruu qeequun hojii ogbarruu sana sakatta’uun adeemsa murtii itti laachuuti. Kun immoo barreessaa sadarkaa irra jiru akka hubatuuf kan gargaaruufi qaamolee barreessuuf qophii ta’an wantoota irratti xiyyeeffachuu qaban akka beekaniif nigargaara. Ogbarruu qeequun hojii qaama sanaa daran fudhatamaa akka taasisuu danda’u waraabbiin armaan gadii nideeggara. Ellis, (1974: f, 54) akkas jechuun ibsa. “…the purpose of criticism is to render the text more enjoyable to the reader, to encourage and excite his appreciation of the text, to explicate it, and to point out to him what he might other luis have missed.” Walumaa galatti, ogbarruu qeequun ergaa ogumni sun dabarsuu barbaadu ifatti baasanii agarsiisuu keessatti iddoo guddaa qaba.

2.9. Yaadxina Qeeqa Ogbarruu

Ogbarruun yaadxinaalee adda addaatiin qeeqamuu danda’a. Yaadxinaaleen ogbarruun ittiin qeeqamu keessaa kanneen beekamoo ta’an kanneen armaan gadiiti. Isaanis;- Yaadxina seenawaa, dubartummaa, dhugummaa, hawaasummaa, safuufi xiinsammuu ta’uu danda’a. Bu’uuruma kanaan qorannoon kun yaadxina xiinsammuurratti hundaa’uun kan gaggeeffamedha.

2.10. Maddaafi Xinxala Xiinsammuu

Yaadiddamni xiinxaala xiinsammuu (psychoanalytic) abbaa (hundeessaa) xinxaala xiinsammuu jedhamee nama beekamu Sigmund Freud’iin naannoo jaarraa 19ffaa keessa jalqabe. Sigmund Freud xinxaalaa sammuu isa jalqabaa fi faayidaa gochaan sammuu riphaa (unconscious mind) qabu sirriitti hubateedha.Yaadiddamoonni inni waa’ee hojii keessoo ilma namaa irratti maddisiise, jaarraa darbe keessaa warraaqaa (revolutionary) isa fakkeessan/jechisiisan yeroo ammaatti manneen barnootaa xiinsammuu hedduu keessatti bal’inaan fudhatama argatanii jiru. Encyclopedia of Educational Psychology, (2008, f.815).

Sigmund Freud bara 1986’tti jecha xinxaala xiinsammuu jedhu kana maddisiisuun waggoottan 40 itti fufanii jiraniif hojjeteera. Akkasumas qajeeltoowwan, kaayyolee, tooftaaleefi mala isaa qopheesseera. Barreeffamoonni Freud baayyeen isaanii yaada gadi fagoo inni jireenya sammuu ilma namaa irratti qabuun kan walqabataniidha. Kunis, yaadiddima caasaa sammuu, abjuu

hiikuu, tooftaalee xiinsammuu fi mata-dureewwan adda addaa walitti fiduufaa of jalatti hammata. (http://muskingum.edu)

2.14. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Mata-duree kana jalatti qorannoowwan armaan dura asoosamoota Afaan Oromootiin barreeffaman irratti namoota adda addaatiin hojjataman, kanneen mata-duree kanaan walitti dhiyeenya qaban gadi fageenyaan dubbisuun tokkummaafi garaagarummaan isaan mata duree kanaa wajjin qaban kan dhiyaatuu dha.

Haaluma kanaan sakatta'iinsi hojiiwwan namoota muraasaa irratti godhame akka armaan gadiitti dhiyaateera. Qorannoowwan asoosamoota Afaan Oromootiin barreeffaman irratti gaggeeffaman keessaa tokko kan Faantaahun Alamuu (2005) digirii lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisuutiin guuttachuuf asoosama 'Hawwii'fi 'Yeroon siif Hadhiistu' jedhaman ija yaaxxina feeminiizimiin qeeqee jira. Qorataan kun as keessatti asoosamichi hagam waa'ee dubartoota ibsa? Walqixxummaa koorniyaa irratti akkamiin akka qindaa'e ilaalee jira.

Qorannoon biraa sakatta'ame qorannoo Murteessaan (2018) Xiinxala Asoosama*Yaadaa* Yaadxina Safuu Hawaasaatiin gaggeesse yoo ta'u, qorataanis dhimma safuu hawaasummaa irratti xiyyeeffatee kan gaggeessedha. Qorannoo qorattuun sakatta'uuf yaalte inni biroon kan Ayyalaa Dabaloo (2017), *Xiinxala Hiika Abjuu Oromoo* mataduree jedhu irratti kan gaggeeffame yoo ta'u, xiyyeeffannoon qorannoo isaas hiika abjuuwwan hawaasa Oromoo biratti qaban xiinxaluu irratti kan bu'uureffatedha.

Qorannoon sakatta'ame kan biraa qorannoo Bilisee Irranaa (2013) "Qeeqa Xiinsammuu Asoosamoota dhedheeroo Yaadafi Madaa Ciqilee" jedhu irratti yoo ta'u, kaayyoon qorannoo ishee inni guddaan dhimmootni feedhiiwwan riphaa ilmaan namaa asoosamoota *Madaa Ciqilee*fi *Yaada* keessatti calaqqisiifaman maal fa'i?, dhimmoonni xiinsammuu asoosamoota keessa jiran muuxannoofi mudannoo hawaasa barreessitoonni keessaa bahan hangam agarsiisaa? Kan jedhuufi abjuu, milkii, mallattooleefi ittisni fedhii dhokataa asoosamoota kanneen keessa jiran yoo qeeqaman maal fakkaatu kanneen jedhan ija yaadxina xiinsammuutiin qeequudha.

Mata dureewwan qorannoo adda addaa sakatta'aman kunneen asoosama tokko ciminaafi hanqina isaa adda baasuuf kan oolan waan ta'aniif hojii qorannoo kootiif akka deeggarsaatti fudhatamuu danda'u. Haata'u malee, xiyyeeffannoon isaanii mata duree qorannoo geggeeffame kanarraa addummaa qabu. Qorannoowwan kunneen dhimmoota akka unka akkasumas waa'ee

walqixxummaa saalaa irratti kan xiyyeeffatani dha. Qorannoon mata-duree “Qeeqa Asoosama dheeraa Yeroon Siif Haadhiistuu ija yaadxina xiinsammuutiin” geggeeffame hojiiwwan qorannoo olitti ibsaman irraa haala adda ta’een, dhugaa qabatamaa miidhaawwan gama xiinsammuutiin hawaasa bara asoosamichi keessatti barreeffamee mul’isuuf kan carraaquudha. Gama biraatiin qorannoon kun qaawwaa gama asoosama dhimmoota xiinsammuu hawaasaa irra gahaa ture duuchuuf asoosama yeroon siif haadhiistuu filatee yaadxina kanaan qorannoo ishee gaggeessuuf karoorfatteetti.

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti, malleen qorannoon kun ittiin adeemsifamu gabaabinaan dhiyaata. Isaanis: Saxaxa qorannichaa, malleen iddattoon ittiin filatame, mala funaansa ragaalee, akkasumas ragaaleen funaanaman ittiin hiikamaniifi qaacceeffamantu dhiyaate. Itti dabalees qorannoon kun haala akkamiin akka adeemsifame, ragaaleen sassaabaman kun haala ittii hiikamaniifi qaacceffamantu dhiyaate.

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun asoosama dheeraa mata dureen isaa "*Yeroon Siif Haa Dhiistu"* jedhu yaadxina qeeqa Xiinsammuutiin kan qeeqni irratti geggeeffame ta'ee, yaadolee asoosamicha keessaa walitti qabee dhimmoota akkamii akka ibsan xiinxalee jechaan ibsa. Kanaafuu, qorannoon adeemsifame kun qorannoo qulqulleeffataa ta'ee, saxaxa ibsaa (addeessaatiin) kan dhihaatedha. Ragaaleen mala qulqulleeffataatiin argaman akkaataa barbaachisummaa isaaniitiin walitti dhufeenya qabaniin qindeeffamanii ibsi barbaachisu itti kennameera. Odeeffannoon kan walitti qabame sakatta'aani. Kunis asoosama filatame gadi fageenyaan dubbisuun yaada achi keessatti qindeeffame hubachiisanidha. Kaayyoon mala qulqulleeffataatiin ragaa walitti qabuu kallattiidhaan waa lakkaa'uu fi safaruun miti; qaaccessi walqabataa ta'e karaa dhugummaa qabuufi bu'aan isaa ibsamuu maluun gosa gosaan qoodamee kan itti ibsamuudha. Qorannoon mala qulqulleeffataan geggeeffamu tokko odeeffannoo argate, mala addeessaatiin yookiin mala ibsaatiin dhiyeessuuf gargaara.

Sakatta'i kan raawwate asoosama "Yeroon siif Haa Dhiistu*"* jedhu irratti yoo ta'u, yaadolee xiinsammuun walqabataniifi agarsiisantu funaanamee dhiyaate. Dhimmoonni xiinsammuun walqabatan asoosama kanaan darbuuf yaadamanis, yaadxina Xiinsammuutiin qeeqamaniiru. Saxaxni kunis iddattoo qorannoo irratti hundaa'uudhaan ragaalee sassaabaman jechaan ibsuuf kan tajaajiludha.

3.2. Mala Qorannoo

Qorattuun kun mala qorannoo qulqulleeffataa gargaaramuun asoosama 'Yeroon siif haadhiiftu'jedhu ija yaaxxina xiinsammuutiin qeeqxee jirti. Qorattuun mala kana sababiin isheen filateef qorannoo ogbarruu irratti geggeeffamu mala xiinxala barruu funaanamu lakkoofsaan kan ibsamu waan hin taaneef. Haaluma Kanaan qorattuun asoosama filatte ija yaadxxina xiinsammuutiin kan qeeqxe yoo ta'uu, asoosamicha keessatti haala jiruuf jireenya dubartootaa

gama xiinsammuutiin, siyaasaan, hawaasummaan, dinagdeen, safuu fi kan kana fakkaataniin jiruuf jireenya uummata keenyaatiin wal qabsiisuun ibsa itti kenniteetti.

3.3. Gosa Qorannichaa

Asoosama dheeraa Yeroon Siif Haadhiistu kan Isaayyaas Hordofaatiin barreeffame ija yaaxxina xiinsammuutiin qeequun kaayyoo waraqaa qorannoo kanaati. Kaayyoo kana galmaan gahuuf qorannoon kun malleen qorannoon tokko itti dhimma bahutti fayyadamee gaggeeffameera. Haaluma kanaan qorattuun gosa qorannoo jiran keessaa mala qorannoo qulqulleeffataatti kan gargaaramtedha. Sababni qorattuun mala kana filatteefis qorannoo dookumantii sakatta'uudhaan walqabatu mala qorannoo kanaa jala galuu waan danda'uufidha.

3.4. Madda Ragaa Qorannichaa

Maddi ragaa qorannoon kun ittiin dhimma bahe madda ragaa odeeffannoo sadarkaa tokkooffaati. Kunis kan ta'eef odeeffannoon kallattiidhaan asoosama filatame keessaa waan sassaabameefidha. Kanaaf qorannoon kun madda odeeffannoo sadarkaa tokkoffaatti kan dhimma bahe dha. Innis mala sakkatta'a barruutiin jechuu dha.

3.5. Mala Iddatteessuu

Qorattuun kaayyoo qorannoo kana galma geessisuu kan dandeesse mala iddatteessuu miti carraatiinidha. Kaayyoo kana galmaan gahuufis asoosama "Yeroon Siif Haadhiistu" jedhu filatteetti. Asoosamni dheeraan Yeroon Siif Haadhiistu jedhu kunis, mala iddatteessuu kaayyeeffataa (purposive sampling) dhimma bahuun kan qeeqamedha. Sababni isaas asoosamni filatame kun qorattuun ija yaaxxina xiinsammuutiin qeequuf ni mijata ta'eef dhimmootni yaadxina xiinsammuu waliin wal qabataniifi haalli qabatamaa jiruuf jireenya hawaasa bara asoosamichi keessatti barreeffame sirriitti ibseera jettee waan itti amanteefi ragaaleen asoosamicha keessaa funaanamanis kanuma dhugaa waan bahaniifidha.

3.6. Mala Funaansa Ragaalee

Qorannoo tokko gaggeessuuf ragaa funaanuun hojii isa bu'uuraati. Ragaalee kanneen ammoo haala qorannoo sanaa bu'ureeffachuun meeshaalee ittiin walitti qabannu adda baasuu qabna. Qorannoo kana keessatti malli ragaan ittiin sassaabame mala sakatta'a ragaa /document analysis/ti. Sababni isaas hojiin qorannoo kanaa Asoosama Dheeraa Yeroon Siif Haa dhiistu keessaa sakatta'uudhaani. Ragaa qorannoo kanaaf barbaachisan kitaabaa qeeqaaf filatame jalqabaa hanga xumuuraa gadii fageenyaan dubbisuun qabxilee ija yaaxxina qeeqichaa tumsan

waraabuun yaadannoo barreeffamaan fuula, madda waraabbii kitaabichaa waliin qabachuudhaan kan gaggeeffame dha.

3.7. Tooftaa qaacceessa Ragaalee

Ragaan erga funaanameen booda wanti itti aanu qaaccessuudha. Haaluma kanaan ragaaleen walitti qabaman mata dureewwan adda addaa kanneen walfakkaatan iddoo tokkootti qaacceffamaniiru. Haalli itti qaacceeffamanis dhugaa qabatamaa asoosamicha keessa jiru waliin wal cinaa qabuun hiikni kan itti kennamedha. Kunis kan taasifameef kaayyolee gooree bu'uura godhachuun yaaxxina filatame waliin wal simsiisuudhaani.

BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI HIIKA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti odeeffannoowwan gaaffilee bu'uuraa qorannichaafi kaayyoo qorannichaarratti hundaa'uun asoosama dheeraa Yeroon Siif Haadhiistuu keessaa walitti qabamantu gadi fageenyaan xiinxalame. Xiinxalli taasifames mala qulqulleeffataa bu'uura godhateeti. Odeeffannoowwan kunneen yammuu hiikamanis kanneen yaadni isaanii walfakkaatu mata duree tokko jalatti qindaa'uudhaan tokko tokkoon xiinxalamaa deeman. Kana jechuunis odeeffannoowwan walfakkaatoon mata duree walfakkaataa jalatti dhiyaatanii xiinxalaman jechuudha. Tartiibni dhiyaannaa isaaniis akkaataa qorattuun kaayyoo qorannichaa itti qindeessiteen kaa'ate irratti hundaa'a.

Cuunfaa Jaargocha Asoosama Yeroon Siif Haadhiistuu

Yeroon mucayyoo baay'ee bareeddudha. Bareedina ishee kana ibsuun baay'ee nama rakkisa. Bifti ishee magaala gara diiminaatti hiiqu ta'ee, asheeta bunaa fakkaatti. Hidhiin ishee yayabbuu ta'ee buusaa qubbee Waaqayyootiin safaramee waan dhungoodhaaf qofa uumame fakkaata. Dhiirri Yeroonii n arge hundi miidhagina ishee kana dinqisiifachuurra darbee kan jaalala isheen qabamee hin jilbeenfanne hin jiru. Amalli gaariin isheen qabdu namoota ishee argan hunda waliin daftee akka walii galtu ishee taasiseera. Yeroon magaala Jimmaatti kan dhalatte yoo ta'u, barumsa isheetti baay'ee cimtuufi beekamtuu akkasumas Ispoortiin jabduu waan taateef hiriyyootaafi barsiisota ishee hunda biratti kan jaallatamttuu fi beekamtii guddaa qabdudha. Yeroon dandeettiifi kennaa uumamaa qabduun guyyaa tokkollee of jajjee hin beektu. Gara baldheettiifi obsa qabeettii waan taateef waliigalteefi jaalalaan hiriyyoota ishee waliin jiraatti. Namoota hundaan waliigaluun ishee kun immoo, baay'ee isaanii biratti dallansuu uumeera. Sababni isaas Yeroonii n Dargaggeessiifi Hojjetootni Mootummaa akkasumas Tuujaaronni Magaalaa Jimmaa keessatti argaman kan ishee kaadhimummaaf hin gaafanne hin jiru. Kanarraan kan ka'e hedduun isaanii itti dallananiiru. Kanumarraa ka'uun kan ishee arrabsoon madeessanis hin dhibaman. Yeroonii n kan jaalalaaf gaafatu baay'eedha. Kan fuudhaaf Jaarsolii ergatanis hin dhibaman.

Abbaan Yeroon Abbaa Garoon Magaalaa Jimmaa keessa kan jiraatan yoo ta'u, manneetii baaburaa afur kan qabaniifi hojii daldalaa irratti bobbaa'anii jiruufi jireenya isaanii kan gaggeessanidha. Dabalataan Magaalaa Finfinnee keessaas suuqii meeshota gegeeddaru konkolaataa qabu. Maatii isaaniis jiruudhuma daldalaa kanaan kan bulchan yoo ta'u, dhukkuba

asmii waan qabaniif magaalaa Jimmaa taa'uurra achuma Magaalaa Finfinnee taa'uu filatu. Mucaan isaanii Yeroon qabeenya abbaashee to'achaaa akka hojjachiistu fedhii abbaa Garooti. Haata'uutii garuu qabeenya Abbaa Garoo kana jaalala Yerooniin Dahatanii kan nyaachuufi balleessuu barbaadan illee hedduudha.Yeoonis haala kanaan rakkoon akka itti hin dhufne baay'ee of eeggannaa gooti. Abdallaan ilma guddifachaa Abbaa Garoo yoo ta'u hojiiwwan Abbaan Garoo irratti bobbaasan hunda of eeggannaafi amanamummaa guddaadhaan bahachuurra darbee waan hojjachaa oole hunda lakkaa'ee intala isaanii Yeroonitti kenna. Yeroon barumsa ishee idilee cinatti ispoortii waan jaallattuuf dirree ispoortii olltee gara mana isheetti galti. Salomoon taphataa kubbaa miilaa beekamaa yoo ta'u, araada dubaattiin waan qabameef durba kamiyyuu bira darbuu kan hin beekneefi akka salphaatti amansiisuun jaalalaan macheessee osoo fedhii foonii isaa galmaan otoo hin gahiin nama hin deebine dha. Aadde Diggittiin Soorettii beekamtuu Magaalaa Jimmaa keessaa hooteela guddaa qabduu yoo taatu Solomoon aadde Diggittiin illee osoo isa hin hafiin qabeenya isaanii nyaachuuf jecha nama yeroo dheeraadhaaf akka haadha manaatii duukaa jiraachaa turedha. Aadde Diggittiin jaalala solomooniin kuftus, Solomoon jaalala qabeenya isaanii malee isaan irraa dhimma hin qabu. Solomoon qabeenya namaatiin nama duuromuufi beekamtii argachuu barbaadudha. Waan hunda otoo dafqa isaa hin baasiin nama galmaan gahachuu fedhudha. Kanumaaf dubartoota magaalaa jimmaa keessaa maatiin isaanii bebbeekamoofi qabeenya guddaa qaban waliin wal-baree jaalalaan takaaleera. waan isaan qaban hunda kan isaa taasifata. Kanaaf Yeroon intala Abbaa Garoo beekamtuu abbaa qabeenyaa jaalalaan booji'ee taa'uufi ka'uu ishee dhorke. Solomoon otuma mana Aadde Diggittii jiruu Aadde Diggittii irratti Yerooniin jaallatee aadde Diggittiin dhageessee solomooniin ajjeesuuf gaadaa turte. Haata'uutii Solomoon mana Aadde Diggittii gadi lakkisuun mana kireeffatee , mana kiraa sanatti jaalala Yerooniin dhandhamuu jalqabe. Otooma Solomooniifi Yeroon alatti jaalalaan waliin jiraatanii Yeroon ulfoofte. Kanas maatii ishee qaanessuurra jechuun Solomoon akka ishee fuudhee jiruufi jireenya isaanii waliin gaggeessan murteessite. Solomoonis Yerooniin fuudhe. Yeroon barnoota ishee kutaa 12 otoo hin xumuriin addaan kutuun Solomooniin wajjin haadha manaa isaa taatee jiraachuu murteessite. Yeroon Solomooniif daa'ima lama godhatteettiif.

Solomooniifi Yeroon ijoollee isaanii qabachuun gara magaalaa Finfinnee deemuun Abbaan Garoo dhukkuba asmiin waan rakkateef qabeenya abbaa Garoo magaalaa finfinnee keessa jiru mana daldalaa isaanii to'achuun waliin bulchuutti kaa'an. Haata'uutii Oromoon "amalaafii

tulluun hin godaantu" jedhee akkuma mammaaku sana amalli solomooniin qabee jiru amallii badaan sun iirra deebi'uun magaalaa Finfinnee keessattis dubara mana hooteela beekamaa qabdu tokko kan Qonjiit jedhamtu waliin wal baruun qabeenya Aabbaa Garoo saamuun gara mana qonjiititti guuruudhaan, gaa'ila Yeroon waliin qabu addaan kutee Qonjiit waliin jiraachuu itti fufe. Yeroon qofaatti hafuun jiruuf jireenya ishee ijoollee ishee lamaan Naahilaniifi Hedanii wajjin kufaa ka'uun gaggeessuuf murteessite. Naahilaniifi Hedaniin ammallee ijoollee waan ta'aniif of hin dandeenye; harkuma haadha isaanii eeguun jireenyi waan itti cimeef, haati isaanni akka'ii akooftee itti kennuun mana dhugaatii irra naannessuun gurguranii haadha isaanii deeggaruu jalqaban. Otuma kanaan jiranii Hedaniin ilmi Yeroon inni quxisuu guddifachaan biyya alaatti bahee barachuun Dooktara yoo ta'u, Naahilaniinis barnoota isaa xumuruun abbaa seeraa ta'ee Haadha isaa ishee rakkattee namummaa keessaa baatee isa guddifte sana barsiisuun Dooktara taasise. Solomoon abbaan Naahilaniifi Hedanii garuu yakka yaalii ajjeechaa Qonjiit irratti raawwateen mana hidhaatti darbatamee waggoota hedduu booda gaafa mana hidhaatii bahu ijoollee inni gatee gara Qonjiititti deeme sun tokko Doktora, tokko immoo abbaa seeraa ta'anii isaa eegan; haati manaa isaa Yeroon yeroo duraa ishee gatee Qonjiititti gales har'a barattee Dooktara ta'uun qabeenyaa ishee inni guuree gara mana Qoonjittitti geessee harka Qoonjiit gales Yerooniif deebi'ee Yeroon hojii mana yaalaa dhuunfaa itti banattee jireenya qananii qabu ijoollee ishee waliin jiraachaa jirti. "Waan facaasan haammatu akkuma" jedhamu sana Qonjiitiifi Solomoon gatii hojii isaanii argatanii; Qonjiit qaama miidhamtuu taatee wiilcherii irra teessee kan sochootuufi harka namaa kan eeggattu yoo taatu, Solomoon immoo jireenya qananii dur jiraachaa ture irraa faallaasaatiin deegee karaarratti hafe. Yerooniifi Haati Yeroon Handariin akkasumas ijoolleen Yeroon Naahilaniifi Hedaniin garuu jireenya qananii qabu jiraachuu itti fufan.

4.3. Miidhaa xiinsammuu gama hawaasummaatin, diinagdeefi safuutiin nam-fakkiilee asoosamicha keessatti argaman irratti mul'ate.

4.3.1. Gama hawaasumaan

Dhalli namaa jiruuf-jireenya isaa keessatti jireenya hawaasummaaf iddoo guddaa kenna. Akkaataadhuma kanaanis walitti dhufeenya isaa kallattii garaagaraan taasifata. Dhimmoota dhalli namaa ittiin walitti dhufu keessaa inni tokko hariiroo hawaasummaa isaa cimsachuufi bu'aa ba'ii jireenyaa isa mudatu furuuf jecha walitti dhufeenya taasifata. Maatii yookiin hawaasa tokko keessatti akkuma walfayyaduun jiru miidhaa walirratti fiduun darbee darbee ni mul'ata.

Asoosama Yeroon Siif Haadhiistu jedhu kana keessattis, miidhaa xiinsammuuu gama hawaasummaan nam-fakkiilee irratti mul'atus akka armaan gadiitti qeequuf yaalameera.

> Garuu dargaggeessaafi hojjettoota mootummaa akkasumas tujaarota horiisaaniitti boonan fuudhaaf ishee gaafatanii deebii dhabanii itti dallanan baay'eedha. Sababii kanaan kan ishee arrabsanis jiru (Isaayyaas, 2013, f .10).

Waraabbii kanarraa waanti hubachuun danda'amu, miidhagina Yeroon qabdu ilaalanii namootni garaagaraa kanneen akka hojjattoota mootummaa, dargaggeeyyiifi abbootiin qabeenyaa Yerooniif jaalalaan sakaalamanii yeroo gaafii sifuuna sifuuna jedhanii gaafatantu mul'ata. Haata'uutii garuu Yeroon gaaffii isaanii kana keessummeessuu dhabuu isheetti maqaa addaa addaa itti moggaasuun cinatti yeroo ishee arrabsanii hawaasa keessatti maqaa ishee xureessantu mul'ata. Sababuma kanaan hawaasa isheen keessa jiraattu keessatti arrabsaniiru. Kanaaf ija xiinsammuutiin yeroo ilaallu namootni Yerooniin barbaadanii dhaban kun maalif ishee barbaadu ? maalifis ishee gaafatanii dhabnaan arrabsuun maqaa ishee xurreessu kan jedhu kan yaadxina xiinsammuutiin yommuu qaaccessinu, namootni kun fedhii foonii isheerraa barbaadanii dhabauun gara maqa balleessiitti isaan qajeelcheera. Gama biraatiin immoo dhugummaan ishee jaallatanii jireenya gara fuulduraa ishee duukaa godhachuun ishee dhabuutti dallanuun aaranii duulli maqa balleessii isheerratti taasisaniiru. Hojii ogbarruu kana keessatti akkaataan barreessaan itti dhiyeesse waanuma jireenya hawaasummaa keessatti mul'atuun kan walfakkaatudha jechuun ni danda'ama.

Jiruufi jireenya keessatti akkuma waljaallatanii jaalalaan itti fufanii gaa'ela dhaabbachuun jiru, faallaa kanaatiinis wal goyoomsuun jaalala fakkeessanii walmiidhuun jireenya hawaasummaa keessatti waanuma jirudha. Waraabbiin armaan gadiis kanuma ragaa nuuf baha.

> Solomoon durba mana barumsaa kan inni durbummaa irraa fudhatee, ulfeessee jireenyasaanii duraa balleesse baay'eedha. Dubartoota bultii qabanis baay'ee bultiisaanii jalaa diigeera. Dubartoota mana dhugaatii qabanitti galee qabeenya isaaniitti taphateera (Isaayyaas, 2013, f. 30).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, jaalallii hiriyyummaa hawaasa keessatti beekamaadha. Akkaataan waljaallachuu kunis amala, ilaalchaafi umrii akkasumas hariiroo waliin qabanirratti hundaa'uu danda'a. Jaalala dhugaan waliif amanamanii waliin

jiraachuu, gaddaafi gammachuu waliin qooddachuu fi yeroo rakkoo waliif qaqqabuun jaalala isaanii agarsiisu. Haata'uutii garuu waraabbii olii kana keessatti Solomoon hiriyyoota mana barumsaa isaa jaalalaan erga sakaalee booda dubartoota hedduurraa boriifan sigodhadha jireenya gaa'ilaafan sibarbaada jechuun durbummaa irraa fudhateera ; kanneen biroos ulfeessee jireenya hawaasumaa isaan maatii isaanii keessatti qabaniifi hawaasa keessatti qaban diigeera, safuufi safeeffannaas cabseera, kana malees kanneen bultoo ijaarratanii abbaa warraa isaanii waliin jiraatanis jaalala fakkeessee jireenya isaanii jeequun bultii isaanii diigeera. Kun hundi walitti idaa'amee jireenyi dubartoota kanaa gama hawaasummaan jiru balaarra bu'eera, hawaasa keessa jiraataniinis balaaleffatamuufi dhiibamuun irra gaheera. Kanaaf Solomoon maalif dubartoota kanarratti gocha gara jabeenyummaa akkasii kana raawwate jennee ija xiinsammuutiin yommuu qaaccessinu ; ilaalchi Solomoon dubartootaaf qabu gadi bu'aa ta'uusaati.

Kunis Jiruufi jireenya keessatti namni kamiyyuu kallattii garaagaraan walbaruun hariiroo jaalalaa isaa jabeeffata.Yeroo jaalalaan waliin jiraatu kanattis gaddaafi gammachuu waliin dabarsa. Amala dhalli namaa ittiin beekamu keessaa inni tokko jaalalaan qabamuu yoo ta'u, dubarri tokko dhiira tokkorraa jaalalli ishee qabuu danda'a, kan dhiiraas akkasuma. Haata'uutii waraabbii armaan gadii keessatti Solomoon Yerooniin erga jaalala ishee qabsiisee booda irraa fagaateera. Isa dur mana yeroonitti si'a sagal deddeebi'u hunda dhiiseera. Kunis akka armaan gadiitti qaacceffameera.

> Solomoonis haalashee kana hubatee kaayyoosaa fiixaan baafachuuf altakka takka utuu hin dhaqiin turee guyyaa lammaffaarratti dhaqa. Yoggaa kana yeroon baay'ee ittiin ooddi. Boodarratti garuu Biibiifi Sayidaan jaarsummaan walitti araarsu. Haaluma kanaan gidduu tokko Solomoon utuu mana Yeroonfaa hin dhaqiin bultii sadii ture. Sababii kanaan Yeroon baay'ee aarte. Nyaata nyaachuus didde. Namaa wajjinis dubbachuu diddee namaan ooduu baayi'ste. Biibiifi Sayidaan ishee jajjabeessuu yoo yaalanillee ni didde. Booda Solomooniin barbaacha iddoo baay'ee deeman. Gandi tokko isaan hin hafne Faranj araadaa Hirmaataa, Jireen, Boosaa, Mantiinaa, walumaagalatti ganda inni karanbullaa taphatufi biiroosaas dhaqanii dhaban (Isaayyaas, 2013, f. 17).

Akkuma waraabbii olii irraa hubannutti, gocha akkasii Solomoon maalif raawwate jennee yommuu ija xiinsammuutiin qaaccessinu, Solomoon faayidaa dhuunfaa isaa argatee jennaan dhimmi dubartootaa dhimma isaa akka hin taaneefi Solomoon amala badaa qaburraa kan ka'e

kan dubartoota yeroodhaaf qofa itti fayyadamee biraa deemu ta'uusaa nutti agarsiisa. Gama biraatiin hawaasa Solomoon keessatti guddateefi oolmaa inni hiriyyoota isaa dhiiraa waliin qabus gocha badaa kana akka raawwatuuf shoora mataa isaanii bahataniiru

Waraabbiin armaan gadiis miidhaa xiinsammuu gama hawaasummaan maatii tokko keessattti qaqqabee nutti agarsiisa.

> Aadde Diggittiinis hiikamuu Solomoon dhagahanii yeroo lammaffaaf dhukkubni isaanii itti ka'e. Solomoon hidhamee cidhisaa fashalaa'ee guyyaa cidhasaa gufachiisuusaaniitti xiqqoo gammadaniiru (Isaayyaas, 2013, f. 41-45).

Akkuma aadaafi duudhaa Oromootti, Oromoon ijjoollee godhate ni guddisa, ni barsiisa yeroo fuudhaaf gahu yookiin geessu immoo bifa aadaafi duudhaa sabichaa eegeen ijoollee isaa fuudhaaf yookiin heerumaaf gahan wal fuusisa. Waraabbii armaan olii kana keessattis Solomooniifi Yeroon guyyaan cidha isaanii gahee yeroo cidhaaf maatiin lachuu gara gurbaafi intalaan qophii cidha ijoollee isaanii kana taasisaa jiranitti aadee Diggittiin jaartiin kanaan dura Solomooniin fedhii foonii ishee guuttachaa turte Solomaan ishee dhiisee Yeroon waliin bultii kara seera qabeessa ijaaruuf qophii cidhaa taasifachuun isaa ishee aarsee cidha isaaniif yeroo guyyaan tokko hafutti aadde Diggittiin Solomooniin buchisiisanii qophii cidhaa qophaa'e kan maatiin intalaafi qopheeffachuun eebbisanii walfuusisan, itti gammadanitti bishaan namme. Maatiin Yeroon maatii warra kabaja guddaa qabu, kan hawaasni isaan jaalatu, safuu warra eeguufi kabaju yoo ta'an intalli isaanii Yeroon gurbaa kashlabbee kan durba argee bira hin dabarre nyaara haddatte yookiin kan safuu hin beeknetti intalli isaanii akka heerumaa jirtu quba hin qaban. Gama biraatiin qophiin cidhaaf qophaa'e kun hundi harkaa fashalaa'ee hawaasa keessatti kabajaafi safuun jiraatan keessatti kabajii isaanii gadi bu'eera. Kanaaf akka walii galaatti maatii Yeroonifi Yeroon irratti miidhaan xiinsammuu gama hawaasummaan irra qaqqabeera jechuu dandeenya.

Waraabbii armaan gadii keessatti immoo, namni gaafa rakkatee waan fuudhuufi dhabu gaafa wallaalu rakkina yeroo sanaaf qabu furachuuf jecha waan hin taane hedduu keessa galuu danda'a.

> Yaadni kun hundi namticha hin beekne sana jala ciistee sammuushee jeeqe. Ammas akka isheen feete utuu hin ta'iin namtichi qaama ishee bite fedha isaa yogguu raawwatu kaatee balabala bante. Hedaniin garuu daftee balbala irraa banuu waan diddeef imimmaansaa lolaasaa olgale. Yoggaa olgalus nama haaraa kana dura argee hin beekne arge caalaatti aare. Yeroonis mucaashee kana baay'ee qaanofte. Kan dura ijoolleenshee dhiira wajjin akka isheen ciistu arganii hin beekani. Yeroo mana barumsaa dhaqan malee dhiira wajjin ciistee hin beektu (Isaayyaas, 2013, f. 84).

Akkuma waraabbii olii irraa hubachuun danda'amutti, waraabbii olii kana yeroo ija xiinsammuutiin qaaccessinu, Yeroon ijoollee ishee guddisuuf jecha hojii sagaagalummaa kana keessa galuun ishee sababa rakkina ishee yoo ta'u, gochicha garuu daa'ima ishee homaa hin beekne kana dhoksuutu irra ture. Daa'imni ishee Naahilaniin gocha amanuun nama rakkisu kana haadha isaa irratti arguun isaa sammuu isaa jeequurra darbee rakkoon xiinsammuu gama hawaasummaan jiru ilmaafi haadha irra qaqqabeera. Kunis Haati waan gootetti saalfattee ilma ishee kana ija keessa ilaaluu dadhabuun isheefi ilmi ishee hojii qaanessaa kana haadha isaarratti waan argeef hariiroon hawaasummaa akka ilmaafi haadhaatti kanaan dura waliin qaban hamma ta'e tokko qaawwa gidduu isaaniitti uumeera. Kanaaf namfakkoota kanarra rakkoon xiinsammuu gama hawaasummaan jiru irra qaqqabeera jechuu ni dandeenya.

4.3.2. Gama Dinagdeen

Ilmi namaa jireenya isaa gaggeessuuf dinagdeen isa barbaachisa. Namni diinagdee gaariifi ofgahaa qabu tokko jireenya qananii jiraachuu danda'a; faallaa kanaan kanneen diinagdee hin qabne immoo jiruufi jireenya isaanii kana gaggeessuuf rakkachuun isaanii kan oolu miti.

Waraabbiin armaan gadiis miidhaa xiinsammuu gama dinagdeen namfakkoota asoosamichaarra gahe qaaccessuuf yaaleera.

> Yeroon ijoollee ishee lamaan kanaaf uffata, kophee, dabtaraafi qalama akkasumas qallaba bittee kiraa manaa fi ibsaa kaffaluun itti cimaa dhufnaan hojii hin jaallanneefi sammuu isheetti ulfaataa ture hojjachuun dirqama itti ta'e. Isheenis akkuma dubartoota ollaashee tahuu jalqabde. Karaatti baatee hin dhaabbatiin malee namoota farsoo dhuguu dhufanii ishee gaafatanii wajjin birrii fudhattee ciisuun ishee kan hin oolle itti ta'e. Hedaniin balbala rukuta yogguu ishee waamu Yeroon dhiira horii isheef kaffalee wajjin ciistee jirti.

> Hedaniin balbala rukutuu itti fufe. Yeroon garuu daftee balbala banuu hin dandeenye. Namtichi horii isheef kaffale sun hamma fedhii isaa raawwatee fixutti qaama ishee waan itti gurgurteef xiqqoo turuun dirqama isheeti (Isaayyaas, 2013, f . 83).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubannutti, Yeroon maalif gocha akkanaa keessa seente jennee ija yaadxina xiinsammuutiin yommuu qaaccessinu rakkoon diinagdee yookiin qarshii dhabuun ishee fi ijoollee isheef waan nyaataniifi dhugan akkasumas waan uffatan guutuuf hojiin isheen hin jaallanneefi hawaasa keessatti hin jajjabeeffamneefi balaalleffatamu akka isheen itti seentuuf sababa ta'eera. Gochi akkanaas yeroo baay'ee nijibbama, nibalaaleffatama akkasumas ni ceepha'ama. Kana hunda keessas waanti Yerooniin galche rakkoo diinagdeeti. Namfakkiin keenya Yeroonis abban manaa ishee qofaatti ijoollee lama itti dhiisee biraa deemuun isaa ijoollee ishee kana lamaan qofaa akka guddistuuf dirqama itti ta'uurra darbee waan isheen hin jaallanneefi sammuu isheef boqonnaa hin kenninetti akka galtu ishee taasiseera. Kanas kan itti fide rakkoo diinagdeeti. Yeroonis qarshii argattee ijoollee ishee kana garaa guuttee bulchuufi guddisuuf akkasumas kiraa manaa kaffaluufi barsiisuuf gocha hawaasa keesatti balaaleffatamuufi jibbamu kana hojjachuun jiruufi jireenya ishee gaggeessuun dirqama itti ta'eera. Kanaaf hojii ogbarru kan keessatti barreessaan rakkoo xiinsammuu gama diinageetiin jiruufi namfakkii irra gahe ibsuuf yaaleera.

Waraabbiin armaan gadiis sababa abbaan kashlabbaayee haadha ijoollee isaa dhiisuun gara dubartii biraa deemuun jireenya dabarsaa jiruufi haatis qophaa ishee ijoollee kana lamaan jechuunis Hedaniifi Naahilanii guddisuu dhadhabdeef ijoolleen kun lamaan umrii isaanii malee mana dhugaatiirra naanna'anii akkaay'ii gurguranii rakkoo diinagdee haati isaanii qabdu furaa turaniiru. Kanaaf waraabbii armaan gadii keessatti ijoolleen kun lamaan rakkoo qarshii haadha isaanii yookiin waan ittiin jiraatan furuuf jecha hojii kana hojjachuun rakkoo xiinsammuu isaanirra gahe akka armaan gadiitti kaa'uuf yaalameera.

> Naahilaniin gaaf tokko galgala mana daadhii Yigabbaawaal keessatti akaayii isaa gurguraa erga turee booda akkuma gaaf tokko tokko godhu mana dhugaatii biiraafi alkooliin itti gurguramu dhaqe. Akaayiisaa namoota dhugaatii dhugan sadiitti gurguree utuu keessa deemuu ijisaa namicha tokkorratti darbatame. Kan beeku itti fakkaate. Xinnoo itti siqee ilaalee, sodaafi gammachuun kan wal make haala tokkotu isatti dhagaahame. Naahilaniin ammas xinnoo tarkaanfatee namicha ilaalee, sirriidha! Isadha!

> jedhe. Namtichi sun garuu nyaarasaa walitti guuree fuulasaa irraa garagalchee qaruuraa biiraa dhugurra ijasaa dhaabe. Abbaa! Abbaa! Jechaa Naahilaniin….dhaqii abbaakee barbaadi jedhee yoggaa harkasaa ol kaasu qodaa akaayii Naahilanii harkarraa lafatti kuffise (Isaayyaas, 2013, f. 86-87).

Akkuma waraabbii olii irraa hubatamutti, dhalli namaa jiruufi jireenya isaa fooyyeffachuuf akkasumas nyaatee buluuf hojii hojjachuun isaa kan oolu miti. Hojii guyyuun gaggeessaa oolu keessattis yeroo tokko tokko gufuun isa mudachuun hin oolu. Haata'uutii dhalli namaa gufuuwwan guyyaa guyyaatti isa mudatan kana keessa qaxxaamuree jireenya isaa fooyyeffata. Hojii kana keessattis yeroo tokko tokko daa'imman yookiin ijoolleen umriin isaanii hojiif hin geenye rakkina maatii isaanii irraa ka'uun maatii isaanii kana deeggaruuf yeroo hojii kana irratti hirmaatan haala qabatamaa biyya keenyaatiin arguun haaraa miti. Haata'u malee rakkina hojii keessatti mudatu kana daa'immaniifi ijoollenis darbee darbee dhandhamuun isaanii kan oolu miti. Waraabbii olii keessattis namfakkiin Naahilanii jedhamu mucaa namfakkii goobangaleessa asoosamichaa kan taate ilmi Yeroon rakkina haadha ishee kana ilaalee harka maratee hin teenye. Hanga humna isaa haadha isaa kana gargaaruuf akaayii mana dhugaatiirra naannessee otuu gurguruu abbaa isaa jalaa bade mana dhugaatiitti argee itti fiigee jennaan abbaan isaa ani sin beeku deemii abbaakee barbaadi jechuun akaayii inni gurguree haadha isaa ittiin deeggaru lafatti harkaa dhangalaasuun kisaaraaf isa taasiseera. Gama biraatiin mucaan kun otoo abbaafi haati isaa dinagdee gaarii qabaatanii akkuma ijoollee kaanii yeroo isaa taphaan gammadee kan dabarsu malee umrii isaa malee mana dhugaatiirra naanna'uun hojii kana hin hojjetu. Kanaaf hojii ogabarruu kana gama yaadxina xiinsammuutiin yoo ilaallu, rakkoo dinagdee irraan kan ka'e, nam-fakkii kanarra miidhaan xiinsammuu irra gaheera jechuun qorannoon gaggeeffame kun adda baaseera. Akka walii galaatti hojiin ogbarruu kun rakkoolee gama diinagdeetiin mul'atan hedduu of keessaa qabaachuu baatus rakkoolee gama xiinsammuutiin namfakkootarra gahe ibsuuf yaaleera.

4.3.3. Gama Safuutiin

Safuun waan hawaasni tokko eeggatee ittiin buludha. Haala kanaan safuun yaadrimee ilaalcha Oromoo wanta dogongoraafi sirrii waliin walqabatedha. Ilaalcha addunyaa Oromoo keessatti safuun akkaataa gochaalee kamiyyuu sadarkaa dhuunfaa, sadarkaa hawaasummaa yookaan adduyaa jiraannutti qajeelfama naamusaafi amala gaarii nuuf kennuuf nugargaara.

Safuun akkaataa uummatni hawaasni jiruufi jireenya isaa ittiin geggeessu, walto'atu, walkabaju, akkasumas seera uumaafi uumama eegee ittiin jiraatudha. Kanaaf safuun uummata Oromoo biratti iddoo guddaa qaba. Safuun waan hawaasni tokko eeggatee ittiin buludha. Garee hawaasaa tokko keessaammoo namoonni amantaa Issilaamaa hordofa isaan tokkodha.Waraabbiin kanaa gaditti dhiyaatus safuun hawaasichi qabu muldhisa.

> Solomoon dhugaatii dhugee baay'ee machaa'eera. Yeroon akkumasaatti harkistee konkolaataa keessaa isa baaste. Garuu olgalchuu hin dandeenye. Akka hoggaa horii morma kutanii koqee hooqqisuu jalqabe. Yeroon baay'ee wajjin rakkatte. Dhiisifatee galuusaa dhoksuun kan isheef hin danda'amne ta'e. Garuu machaa'uusaa dhoksuuf yaalte. Waan danda'amu hin taane. Harmeen Yeroon sagalee hooqqisaa dhagahanii gadi bahan. Itti siqanii ilaalan "edaa Solomoon nama akkasiitii Yeroon?" jedhanii manatti ol deebi'an . Dubbii biraa hin dubbanne. Yeroon garuu bakkasaa baay'ee qaanofte. (Isaayyaas, 2013, f. 72).

Egaa akkuma waraabbii olii irraa hubachuun danada'amutti, Namfakkiin Solomoon jedhamu dhugaatii alkoolii dhuguun machaa'aee hanga ofdhadhabutti safuu nama tokkorraa hin eegamne raawwateera. Sabni Oromoo saba guddaa kabaja isaa ofirratti eegu duudhaafi safuu akkasumas aadaa isaa eegee jiraatudha. Haata'u malee Solomoon mana amaatii isaatti akkas dhugee machaa'uun isaa kun kabajaafi safuu amaatii isaaf qabu cabsuurra darbee, aadaafi safuu Oromoon qabu cabseera. Egaa namfakkiin kun, amaatii isaa yookiin haadha haadha manaa isaa kabaja dhowateera. Haati manaa isaa Yeroonis gochaa Solomoon raawwate kanatti gadduurra darbee itti qaanofteetti Sababni isaa immoo Yerooniifi maatiin Yeroon amantaan isaanii Musliima yoo ta'u akka amantaa kanaatti dhugaatiin dhorkaa ta'ee osoo jiruu Solomoon dhugaatii dhugee hamma ofwallaalu kanatti machaa'uun isaa haadha Yerooniifi Yerooniin gaddisiisuurra darbee isaan qaanesseera. Lammatarratti akka aadaa Oromootti namni dhugaatii dhugus hanga kana hunda ofgatee machaa'uun kabaja maatii isaa of irraa hin fuudhu. Kanaaf "akkuma Oromoon barcumaafi ulfina abbaatu dhaabbbata." jedhee mammaaku sana maatiin Yeroonfaa isaaf kabaja kennaniifi of duukaa isa jiraachisaniyyuu inni garuu kabaja isaa ofiin of dhorkateera. Egaa yaada kana ija yaadxina xiinsammuutiin yeroo ilaalluufi qaacessinu Solomoon maalif dhugaatii dhuge? Maaliif mana amaatii isaa keessa otoo jiruu dhugee machaa'uun isa barbaachise kan jedhu yommuu xiinxallu, haalli guddinni Solomoon

ijoollummaa isaa irraa kaasee dhugaatii dhugaa guddachuufi hiriyyoota kashlabbee ta'an waliin guddachuun isaafi amalli inni ijoollummaan qabu isa gadhiisuu dadhabuun isaa rakkoo kanaaf isa saaxileera. Kanaaf hojii ogbarruu kana keessatti gochi Solomoon raawwate miidhaa xiinsammuu gama safuutiin jiru kan agarsiisudha. As keessattis safuun cabe safuufi safeeffannan Oromoon qabuufi keessumattuu amantaa musliimotaa keessattis dhuganii machaa'uun haa hafu dhuguun iyyuu waan hin eeyyamamneef safuun gama kanaan jiru cabeera. Taateen akkasii kunis waanuma hawaasicha keessatti mul'achaa tureefi yeroo ammaas mul'achaa jirudha jechuun ni danda'ama.

Dhalli namaa yeroo addunyaa kana irratti uumamee jireenya jalqabu akkaataan yaaduu isaa hojjachuu isaafi afaan, aadaa, safuufi safeeffannaa akkasumas duudhaa mataa isaa qabaachuun uumama kanneen biroo irraa adda isa taasisa. Oromoon waliif yaaduun gaafa gaddaa, gammachuu waliif hirmaachuun jiruufi jireenya isaa gaggeessuun hariiroo waliin qabu ibsata. Akka harree sana "ani duunaan margi hin margin" jedhee ofittummaan hin jiraatu. Haata'uutii garuu yeroo tokko tokko "garaan haadhaa buburreedha." jedhee akkuma Oromoon mammaaku sana darbee darbee kan mataa isaanii malee waa'ee nama kan tasumaa hin yaadneefi kan garaa isaanii jaallatanii maatii ofiif dhimma hin qabnes hin dhibaman. Waraabbiin armaan gadiis namoota safuu hawaasaa cabsuun miidhaa xiinsammuu gama safuun jiru nutti agarsiisuuf yaala.

> Solomoon jireenya gammachuu kana fakkaatu keessa jira. Qabeenya Abbaa Garoo haxaa'ee Qonjiit harka sababii galcheef isheerraa amantaafi jaalala akkasumas kabaja guddaa argateera.
>
> Gaaf tokkollee haati manaafi ijoolleenkoo akkam ta'an jedhee yaadee hin beeku. Iddoo nama gammachiisa jedhu oolee gala. Qonjiit kutaalee cisichaa hedduu ijaarteetti. Kanas kan ijaarte birri Solomoon kennuun ture (Isaayyaas, 2013. f. 79).

Akkuma waraabbii armaan olii iraa hubachuun danda'amutti, Solomoon safuu cabseera. Oromoon yoo nama amaneefi jaallate ilmoo ofii itti heerumsiisuu miti, qabeenya isaallee amanee akkanni bulchu taasisa. Kana kan taasisu immoo wallaalummaa isaaf otoo hin ta'iin, amanmummaafi jaalala nama sanaaf qabu agarsiisuudhaafi. Haata'uutii garuu waraabbii armaan olii kana keessatti, Abbaan Garoo intala isaanii Yeroonin Solomoonitti heerumsiisuurra darbee qabeenya isaan qaban akkanni hogganuuf amananii itti kennan illee, inni garuu intala isaanii

Yerooniin yookiin haadha ijoollee isaa kana ganuun qabeenya Abbaa Garoo gara Qonjiititti guuruun maatii Yerooniifi Abbaa garoo harka qullaatti hambisuun, Qonjiitiin immoo duuromseera. Oromoon safuu guddaa waan qabuuf haadha manaafi ijoollee isaaf baay'ee yaada; itti gaafatamummaas ni fudhata. Haata'uuttii garuu, Solomoon gocha akkasii kana raawwachuu isaatiin safuufi safeeffannaa sabni Oromoon qabu cabsuun ofii isaafi maatii isaarra miidhaa xiinsammuu gama safuutiin jiru irraan gaheera. Kanaaf hojii ogbarruu kana keessatti Solomoon maalif safuu kana cabse jennee yommuu ilaallu, Solomoon nama nagahaa hin beekneefi dafqa namaan duuromuu barbaadu akkasumas kan caalu argatee jennaan kan waan barbaade gochuuf duubatti hin deebinedha. Kana hunda akka raawwatuuf haalli fi hawaasni Solomoon keessatti guddate akkasumas hiriyootni inni waliin guddate amala badaa waan qabaniif kun amala inni agarsiisu kanaaf dhiibba mataa isaa uumeera. Hojii ogbarruu kana keessattis kanumatu mul'ate.

Aadaa, safuufi safeeffannaa akkasumas duudhaa Oromoo keessatti wal ilaallatanii jaarsa ergachuun naqataan gaa'ila dhaabbachuun ijoollee walirraa horuun safuufi safeeffannaa sirrii Ummatni Oromoo qabudha. Faallaa kanaan immoo dubarri tokko otoo hin heerumiin manatti ulfooftee yoo deesse safuu cabsite, aadaa balleessite; kabaja maatiifi ofii ishee sarbite jechuun hawaasa keessatti ni balaaleffatamti; ni ceepha'amtis. Hawaasnii naannoo sanaas ilaa intala abbaa abaluu ishee sagaagaltuu manatti deesse jechuun xiinsammuu ishee madeessa. Waraabbiin armaan gadiis kanuma dhugaa nuuf baha.

> Kibbinash utuu hin heerumiin manatti waan deesseef hawaasa baadiyyaa naannooshee biratti maqaa badaa argatte. Haala ishee kanarraa kan ka'e abbaafi haatishee qaanii guddaa keessatti kufan. Sababii kanaan haatiifi abbaan ishee ganamaafi galgala ishee reebu. Jiraattoti ganda ishees "ilaa ishee manatti dhalte" jechaa quba itti waan qabaniif mucaa ji'a ja'aa haadhasheetti gattee biyyaa baate (Isaayyas, 2013, f . 101).

Waraabbii olii kanarraas wanti hubatamu, qooddattuun yookiin namfakkiin Kibbinash jedhamtu aadaa, safuufi safeeffannaa hawaasni Oromoo qabu cabsuun otoo hin heerumiin manatti da'uun ishee akka safuu cabsuutti waan ilaalamuuf miidhaa gama kanaan jiru mul'isteetti. Kanaaf gama yaadxina xinsammuutiin yoo ilaallu haatiifi abbbaan Kibbinash ishee reebuun amala isheen agarsiistee gara firiitti jijjiirtee manatti otoo hin heerumiin da'uun ishee qorqalbii abbaa fi haadhaa miidhuurra darbee hawaasa keessa jiraatan keessatti ishee waliin balaaleffatamaniiru. namfakkiin kun safuu cabsuun bakka buutee hojii ogbarruu kana keessatti dhiyaachuun haatiifi

abbaan hawaasa keessa jiraatan keessatti intala abbaa abaluu ishee manatti deesse jechuun maqaan itti mogga'uun miidhaan xiinsammuu gama safuutiin jiru akka isaan irra gahuf sababa taateetti.

Walumaagalatti, ija qeeqa xiinsammuutiin yoo ilaallu, hojiin ogbarruu kun yummuu qeeqamu, qabxiileen rakkoo xiinsammuu gama hawaasummaatiin mul'ataniifi gama diinagdeetiin mul'atan hedduminaan yoo keessa kan jiraatan ta'e illee, kanneen dhimmoota safuu waliin wal qabatan garuu muraasa jechuun ni danda'ama.

Akka walii galaattii, dhiibbaan xiinsammuu maal fide gaafii jedhuuf, barreessaan dubbistoota isaa irratti jijjiirama ilaalchaa, yaadaafi amalaa fiduuf kan barreesse yoo ta'u, gama biraatiin xiinsammuu ilaalcha dubbisaa gama qaruu danda'uun jechoota filatamoofi laguu ta'aniin barreessee dhiyeessuuf yaaleera jechuun ni danda'ama.

4.4. Yaadotni asoosamicha keessatti argaman xiinsammuu dubbistoota garamitti akka qajeelchan.

Hojiin ogbarruu tokko yeroo maxxanfamee bahu kallattii garaagaraatiin dubbistoota bira gahuun isaa kan oolu miti. Dubbistoonnis hojii ogbarruu kana dubbisanii kallattii garaagaraatiin hubachuufi xiinxaluu danda'u. Adeemsa hojii ogbarruu kana dubbisuu keessatti dubbistoota kana irraan hojiin ogbarruu kun dhiibbaa ni fida jedhamee amanama. Waraabbiin armaan gaditti dhiyaatus kallattii garaagaraan dhiibbaa dubbistoota irra gahe ibsuuf kan yaaludha.

4.4.1. Yaadotni asoosamicha keessatti argaman kan dubbistootatti gaabbii uumu

Namni jiruufi jireenya ofii gaggeessaa oolu keessatti taateewwan heedduu raawwachaa oola. Taatee inni raawwatu kunis kan isa fayyadu yookiin kan isa miidhu ta'uu dandaa'a. Haata'uutii garuu yeroodhaaf wantootni namatti sirrii fakkaatanii mul'atan turtii yeroo booda jijjiiramuudhaan gaabbiif yookiin ceephoof nama saaxiluun gaabbii sanarraa akka baratan taasisa. Barreeffamicha keessattis yaadotni gaabbii agarsiisaniifi dubbistootni gaabbii sanarraa baratan akka armaan gadiitti qaacceffameera.

> Fuudhiifi heerumni sirriitti itti hin yaadamne, kan marii malee raawwatame kan haatiifi abbaanshee keessa hin galle murtii dogongoraa ta'uunsaa akka bilbilaa sammuu ishee keessaa itti iyye. Carraa kanarratti kan ishee gate, qabeenya abbaasheefi haadha ishee murtii qofaa ishee murteessiteen balleessummaan ishee itti dhaga'ame. Namni isheen itti

> heerumtu nama akkamii akka ta'e utuu hin hubatiin collummaa afaanii fi bifa qofaa ilaaltee dogongoruun harka Solomoon keessatti kufuun ishee sirrii akka hin taane hubatte (Isaayyaas, 2013, f .83).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, Yeroon marii maatii ishee malee Solomoonitti heerumuun sirrii akka hin taane nutti agarsiisa. Kunis nama isheen abbaa manaa koo sirrii hanga dhumaatti naaf amanamee wajjin horannee guddanna jette ishii ganuun qabeenya isheefi maatii ishee saamee waan ishee ganeef solomoonitti marii haadha isheefi abbaa ishee malee itti heerumtee bultii duukaa dhaabbachuun Yeroon akka sirrii hin taanetu hubatama. Maatii ishee waliin otoo hin mari'atiin heeruma kanatti galtee dogongoruun ishee balleessaa akka ta'e reefuu waan hubatteef gaabbiin kan itti dhagahame ta'uu isaa agarsiisa. Kanaaf yaadotni asoosamicha keessatti argaman dubbistoota kan gaabbii itti uumeefi kan deebi'anii irraa baratan ta'uu isaa agarsiisa. Akka waliigalaatti waraabbiin armaan olii kun xiinsammuun dubbistootaa miira gaabbii keessa akka galu taasisee jira.

Waraabbiin gaabbii mul'isu kan biraa immoo akka armaan gadiitti dhiyaateera.

> Solomoon manashee keessaa Qonjiit gaaf tokko naa ba'i jettee afaanii baastee akka itti dubbachuun ishee hin oolle hubateera. Qabeenya Yeroonfaa kan Qonjiititti kenne miiliyoona baay'eetti lakkaa'ama. Kana hunda itti kennee, ofii harka qullaa hafe. Qarshii baankii baasee, isheettii kenneef raga hin qabu. Gowwummaansaa kunis amma reefuu garaa isa gubee, boqonnaa dhorkate.

"Qonjiit ! bultii keenya kana seera qabeessa haa goonu."

> "Yoo labsii labsine malee jaarsaafi jaartii (dhirsaafi niitii) ta'uun keenya hin beekamu siin jedhanii?" Qabeenya namaan fudhadha jedhee kansaa dhabe (Yeroon Siif haadhiistu, 2013, f .138).

Akkuma waraabbii olii irraa hubannutti, Solomoon Qabeenya Yeroonfaa guuree gara Qonjiit haadha manaa isaa ishee seera qabeessa godhatee hin fuudhiinitti geessee fixeera. Yerooniifi ijoollee isaa lamaanis dhiisee mana Qonjiitiitti galeera. Haata'uutii akkuma "qarri qara hin muru" jedhee Oromoon mammaaku sana Solomoon Qonjiitiin goyoomsee qabeenya ishee dhuunfachuuf yaalus isheen isa gamnummaan caaltee argamtee kansaa hunda irraa fudhattee

kanshee gooteetti. Gama biraatiin namfakkiin keenya Solomoon jedhamu kun kana caalun argadhaatti kan isaayuu dhabeera. Dabalataan Qonjiitiin haadha manaa seera qabeessa taasisee mallatteessisee fuudhuu dhabuufi calliseema akka horiitti nyaatee dhugee jiraachuun isaa aarsaa guddaa isa kaffalchiiseera. Walumaa galatti, hojiin ogbarruu kun Gaa'illi seera qabeessa hin taaneefi kan caalun argadhaatti kan ofii dhabanii aarsaa guddaa kanfaluun akka jiru namatti agarsiisa. Gama biraatiin immoo Solomoon waan raawwate kanatti waan gaabbeef dogoggorri akkanaa deebi'ee akka isatti hin deebine barumsa guddaa irraa argateera.

Waraabbii armaan gadii keessattimmoo, namni hanga barbaade yoo namatti darbee nama miidhe illee dhiisuun hangam nama guddaa akka nama taasisuufi haloo qabachuu dhabuun guddina namaa akka saffisiisu nutti agarsiisa. Darbees namni namatti diina ta'e tokko guyyaa tokko harka keenyarratti akka kufuufi deebisee hojii jal'inaa nurratti hojjateefa sammuun isaa akka isa ceepha'u dubbistootatti agarsiisa.

> "Sanyoo keenya nurraa fudhatte" jedhani tolcha isheerratti raawwatanii kan ishee raatessan akka fiilmii ija ishee dura dhufee itti mul'ate.
>
> "Yaa Waaqayyo kan hojjatan waan hin beekneef dhiifama godhiif "jettee itti fuftees; "Birqee! Kibbinash! Kottaa as jette. Gargaartota ishee kutaa sana keessa jiran yeroof akka bahan dhiifama wajjin gaafatte. "Birqee! Amma maaltu sitti dhagahama?" "Mataa bowwuutu natti jabaate" "Isaaf qorichan sii barreessa. Kibbinash ati hoo akkami?" jettee, dabaree dabareedhaan maqaasaanii dhahuudhaan gaaffii isaanii dhiyeessitte. Birqeefi Kibbinash Haakimittiin kun akkamitti hardhuma isaan argitee maqaasaanii baruu akkamitti akka dandeesse dinqisiifatanii wal laalan. Dr. Yeroon haalasaanii hubattee; " Anaan nabeektuu?" "Lakki isin hin beeknu….. Ani Yeroonan jedhama Haadha Naahilaniifi Hedaniidha. Birqee atimmoo hin yaadattuu mana dubartii hafuura hamaadhaan tolcha hojjattu tokko bira dhaqxee na ajjeessisuuf jettee yeroo itti himtu lafatti kufanii boo'anii dhiifama ishee gaafatan (Isaayyaas, 2013, f. 157).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubannutti, Birqeefi Kibbinash Yeroonii wajjin kanaan dura olla walii jiraachaa kan turaniifi Birqeefi Kibbinash hojii sagaagalummaa ta'e jedhanii hojjachaa turan; haata'uutii garuu Yeroonis yeroo sana rakkina ishee jala ba'uufi ijoollee ishee lamaan guddisuuf jecha akka saanii ta'uu baatus, darbee darbee dhiira waliin qarshii fudhattee ciisaa

turte. Yeroo sana Birqeefi Kibbinash itti inaafuudhaan waan baay'ee isheerratti raawwataniiru. Kessumattuu Birqeen Yerooniin ajjeesuuf jecha mana warra qaalluu warra ayyaana qabuu bira deemuun itti hojjachiisteetti. Kanaaf waraabbii olii dubbistootarratti dhiibbaa inni uumu, namni deebi'ee bakka itti wal argu waan hin beekneef hamaafi jal'ina akkasumas inaaffaan barbaachisaa akka hin taaneefi namootni akka Yeroon garaan isaanii dhiifamaaf qulqulluu ta'an hawaasa keessa jiraannu keessa jiraachuu nutii agarsiisa. Kanaaf yaadni asoosama kana keessatti argamu kan dubbistoota isaatti gaabbii yookiin ceephoo itti uumuufi garaa dhiifamaaf kan isaan qopheessu ta'uu kan namattii agarsiisu ta'uurra darbee hawaasa keessa jiraannu keessas namoonni ceephoo buufatanii hawaasa waliin jiraatan duukaa nagaa buusan jiraachuu isaa dubbistootatti agarsiisa.

Yaadni biraa miira gaabbii yookiin ceephoo agarsiisu akka armaan gadiitti dhiyaateera.

> Dr.Yeroon har'a dubartii waggaa 45niiti. Jireenyashee baroota darberraa barumsa guddaa argatte. Utuu namaan hin mari'atiin, utuu haalasaa gadi fageenyaan hin qoratiin, utuu of hin to'atiin, bultii dhaabbachuuf murteessuun ishee, kufaatii guddaarraan akka ishee gahe hubatte. Dogongora isheen raawwatteen qabeenyi abbaasheefi haadhashee akka manca'e hubatte. Dhiirri isheen itti heerumtu jireenyaaf murteessaa ta'uu isaa hubatte. Dhiirri abbaa manaakoo ta'u nama akkamiit? Machooftuudhaa? Sagaagalaadhaa? Sobduudhaa? Hattuudhaa? Dhibooftuudhaa? Sinsinnooftuudhaa? Dubartootaaf ilaalchi inni qabu maal fakkaata? Obsisaa hammami? Gaafan qabu nawaliin jiraatee, gaafan ani hiyyoomu kan na dhiisee gara biraa barbaadudhaa? Gaafa qaamni koo guutu, bareedu najaallatee, gaafa qaamni koo hir'atee fokkisu na baqatudhaa? Moo hamma dhumaatti gaafa gammachuus gaafa gaddaafi rakkoo kan nawaliin turudha? Hunda dura kan waaqayyoon sodaatudhaa? Waaqayyoon beekaa? (Isaayyaas, 2013, f. 129).

Akkuma waraabbii oliii irraa hubachuun danda'amutti, namni beekees ta'e otoo hin beekiin dogongora hojjate duubatti deebi'ee kan xiinxalu, kan yaaduufi kan itti of ceepha'u ta'uun isaa kan oolu miti. Yaadotni asoosama kana keessatti argamanis kanuma kan dhugoomsanidha. Kanaaf yaadotni barreeffamicha keessatti ka'an dubbistootatti kallattii garaagaraatiin ceephoon yookiin gaabbiin akka itti dhagahamu taasiseera. Gaabbii inni dubbistootatti uume keessaa tokko waan tokko murteessuun dura irra deddebi'anii yaaduun barbaachisaa akka ta'eefi murtiif ariifachuun bu'aan isaa gaarii akk hin taane dubbistootatti mul'iseera.

4.4.2. Yaadotni asoosamicha keessatti argaman kan dubbistootatti kutannoo uuman

Waraabbiin armaan gadii immoo namootni yoo nama abdatan dhaban illee kutannoofi murannoo qabaannnaan bakka yaaduu barbaadan sanaafi haawwii ganamaa isaanii kan guuttatan ta'uu nutti agarsiisa.

> Yeroon erga abbaan manaa ishee Solomoon ishee ganee gara dubartii biraatti deeme irraa kaastee farsoo naqxee akaayiii akooftee gurguruudhaani. Garbuufi shumburaa akooftee qodaa golboo keessatti naqxee ijoollee ishee lamaanitti kennitee bobbaasti. Hedaniin fagoo hin deemu. Achuma mana isaanii biratti kan argamu mana daadhii Bashaa Waldee dhaqa. Naahilaniin ammo, manneetii dhugaatii gurguddaarra naanna'ee gurgura. Yeroon ammo, mana keessaa farsoo gurgurti (Isaayyaas, 2013, f. 81).

Dhalli namaa kamiyyuu jiruufi jireenya isaa keessatti mana dhaabee gaa'ila godhatee ijoollee horee jiraachuu barbaada. Kunis dirqama fedhii uumamaa keessaa isa tokkodha Garuu namni kamiyyuu gaa'ila dhaabbachuufi hiriyaa jaalalaa qabachuuf dirqama seenaa nama seenaafi amala nama sanaa beekuun dirqama itti ta'a. Sababni isaa immoo otoo maalummaa nama sanaa hin beekiiniifi hin qoratiin gaa'ilatti galuun rakkoo garaagaraatiif nama saaxiluu danda'a. Kanaaf akkuma waraabbii oliii irraa hubachuun danda'amutti, namootni rakkoon kamiyyuu yoo isaanitti kan dhufu ta'e kutannoodhaan rakkoof harka kennuu otoo hin ta'in akkaataa rakkoo sana keessaa itti bahaniifi mo'atanii gara fuulduraatti tarkaanfachuun gara jireenya fooyya'aatti ce'uu akka danda'an hojiin ogbarruu kun dubbistootatti agarsiisa. Gama biraatiin immoo, namootni akkasii hawaasa keessa jiraannu keessatti rakkoo isaan yeroof qaban otoo itti hin dhagahamiin kutannoofi murannoo qabaniin garafuula duraatti tarkaanfachuun jireenya ofii kan mo'atanii waan gaariitti bahan jiraachuu nutti agarsiisa. Hojiin ogbarruu kun dubbistootatti miira kutannoo kan itti uumuufi gama yaadxina xinsammuutiin barumsa guddaa kan dabarsu ta'uu isaa nutti agarsiisa. Gama biraatiin immoo, namootni jireenyi isaan hawaasa keessa jiraatan keessatti hangam rakkisaafi hammaataa ta'ullee kutannoofi murannoo qabaatanii kaayyoo isaanii sanaaf yoo kan jiraatan ta'e bakka yaadan akka gahaniifi hojii kamiyyuu yoo hojjatan kan milkaa'an ta'uu dubbistootatti agarsiisa. Walumaagalatti, namootni xiiqiifi kutannoodhaan rakkoo isaan mudate keessaa bahuun mallattoo ciminaa ta'ee dhiyaachuunsaa kanneen biroos rakkoof otoo harka hin kenniin milkaa'aniif fakkeenya ta'uun dubbistootatti agarsiisa.

4.4.3. Yaadotni asoosamicha keessatti argaman kan dubbistoota gammachiisanii deebi'anii gaddisiisaan

Namni kamiyyuu jiruufi jireenya isaa guyyaa guyyaan gaggeessaa ooluuu keessatti waan hedduu hojjachaafi ilaalaa oola. Wantoota inni hojjachaa yookiin ilaalaa oolu gariin isaanii kan miira gammachuu namaaf kennan yookiin gammachiisan, gaddisiisanii deebi'anii gammachiisan ta'uu dandaa'a. Waraabbiin armaan gadiis dubbistootti miira gaddisiisaa uumuu danda'eera. Innis akka armaan gadiitti qaacceffamee dhiyaateera.

> Yeroon baay'ee gammadde baay'ees gaddite.
>
> " Mucaashee jaallattu bara dheeraaf gargar bahuu isheetti gaddite.
>
> " Yoo Rabbi jedhe wal argina yoo hin jenne immoo maal goona. Carraa kooti." Jettee imimmaan ishee lolaaste. Karaa gara biraatiin immoo, ilmi ishee carraa biyya alaa deemee barachuu waan argateef gammaddeetti. Abdiin kun immoo ishee jajjabeessa.
>
> "Baratee yoo dhufe rakkooo kana keessaa na baasa" jettee jajjabaatte. Naahilaniinis akkuma haadhasaa yaada gammachuufi gaddaan jeeqame (Isaayyaas, 2013, f. 97).

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, Hedaniin carraa barnootaa biyya alaa argachuu isaatti Yeroonifi Naahilaniin gammadaniiru akkasumas gaddaniiru. Carraa barumsa biyya alaa argachuu isaatiifi baratee deebi'ee abdii isaan gargaaruu qabaachuu isaatti yooo kan gammadan ta'e illee waggoota hedduuf irraa gargar bahuu isaatti immoo gadduu isaanii agarsiisa. Kanaaf yaadni barreeffama kana keessatti argamu ija yaadxina xiinsammuutiin yoo kan ilaallu ta'e dubbistootatti miira gammachuufi gaddaa kan uumudha. Sababni isaan itti gammadan mucaan kun yoo biyya alaa dhaqee barate achii deebi'ee maatii isaa gargaaruurra darbee kan biyyaafis bu'aa buusu ta'uusaarraa kan madde yoo ta'u gaddi immoo, maatii isaa akka malee jaallatu kanarraa wagoota hedduuf irraa fagaachuufi biyya ormaa keessatti yoo raakkate, yoo beela'e, yoo daare, akkasumas yoo dhukkubsate ijaan arganii gargaaruu dhabuu isaaniiraa kan ka'e miirri gaddaa isaan keessatti uumeera.

Waraabbiin biraa dubbistoota keessatti miira gammachuufi gaddaa uume akka armaan gadiitti qaacceffameera.

Yeroon mi'aa jireenya biyya lafaa kanaan dura argitee hin beekne dhandhamachaa barumsa ishee itti fufte. Ji'a tokkoo booda garuu gaddaafi naasuu guddaa keessa galte. Yeroon otuu abbaafi haadha ishee waliin hin mar'atiin walquunnamtiin isheen Solomoonii wajjin jalqabde gadda guddaa keessa ishee galchee ulfa ji'a tokkoo taatee jirti (Isaayyas, 2013, f. 38).

Akkuma waraabbii olii irraa hubachuun danda'amutti, namni kamiyyuu jireenya isaa yeroo dargaggummaa keessatti jaalalaan qabamee mi'aa jaalalaa dhandhamuu ni barbaada. Kunis kennaa uumamni nama badhaasu keessaa isa tokkadha. Haata'uutii garuu yeroon dargaggummaa of eeggannoo guddaa kan barbaadudha. Dogoggorri bara dargaggummaa keessa raawwannu gaabbii jireenya keenya guutuu ta'uu waan danda'uuf of eeggannoofi hordoffiin maatii keenyaan taasifamu baay'ee barbaachisaadha. Akka walii galaatti yaadni barreeffama kana keessatti mul'ate dubbistootatti akkamitti miira gammachuufi gaddaa uume kan jedhuuf, namni kamiyyuu bara dargaggummaa isaatti jaalalaan qabamee jireenya jaalalaa dhandhamuun eenyuunuu kan gammachiisu ta'uun isaa kennaa uumamaa yoo ta'u, miira dargaggummaan taateewwan nuti otoo hin beekiiniifi hin hubatiin raawwannu immoo dogoggora yoomiyyuu madaa sammuu ta'ee hafu raawwachuun xiinsammuu keenya miidhuun miira gaddaa uumuu dandaa'a. Kanaaf yaadni barreeffamicha keessatti mul'ate, dubbistootarratti miira gammachuufi gaddaa uumuu danda'eera.

. 4.4.4. **Yaadotni asoosamicha keessatti argaman miira dubbistootaa kan gammachiisan**

Namni kamiyyuu yaadaafi ilaalchi badaa ta'e isaa gaddisiisuu akkuma danda'u, taateewwan, ilaalchotniifi yaadotni isa gammachiisanis hin dhibaman. Yaadotni barreeffamicha keessatti argamanis kan dubbistootatti miira gammachuu uuman akka armaan gadiitti dhiyaatanii qaacceffamanii jiru.

"Waaqayyoo hojii qaanessaa keessaa nabaasee asiin naga'eera. Du'aa nakaaseera. Seenaa koo jijjiiree, jireenya bara baraa naaf kenneera. Ijoolleekoos naaf guddisee sadarkaa guddaarraan naaf ga'eera. Anis barumsan gidduutti dhiise itti fufee maatiriikii akkan fudhadhu nagargaareera. Yuunivarsiitii galuufis isuman abdadha. Galatakee yaa Waaqayyoo kana hundumaa waan naaf gooteef jetti" (Isaayyaas, 2013, f . 114).

Akkuma waraabbii olii irraa hubannutti, yaada barreffamaa kanaa irraa rakkoo fi gidiraa kanaan dura dabarsan yaadachuun uumaa isaanii akka galateeffatan dubbistootatti agarsiisa. Kun immoo miirri gammachuu akka isaan keessatti uumamu taasisa. Miirri gammachuu kara xiinsammuutiin isaanitti uumames bakka kufanii ka'anii of danda'anii dhaabbachuun isa tokko yoo ta'u, waan sababa rakkootiin addaan kutanii kaayyoo ofii galmaan otoo hin gahiin hafes otoo abdii hin kutiin itti deebi'anii galmaan gahuun kan danda'amu ta'uu isaa barreeffamichi dubbistootatti mul'isa. Kanaaf taatee kana fakkaatu ija yaadxina xinsammuutiin yemmuu qeeqamu hawaasa keessa jiraannu keessas kan jiru ta'uun isaati.

Yaadotni barreeffamicha keessatti argaman kanneen dubbistootatti miira gammachuu uuman kan biroo akka armaan gadiitti qaacceffameera.

> Qabeenyi Yeroonfaa Solomooniin guuramee gara Qonjiit dhaqe amma deebi'uu jalqabeera.
>
> "Qabeenyi ani horadhe bakkeetti hafee?" jettee Dr. Yerooniin waamsifte.
>
> Dr. Ati hamma yoonaatti akka fira dhiigaatti nawajjin baay'ee rakkachaa jirta. Ani si'achi fayyee nama tahee akka namaamiillaan deemuu hin danda'u. Lubbuun koos baay'ee hin turu waan kana ta'eef hamma an lubbuun jiruttinasoorta gaafan du'u na awwaalta. Qabeenya koo hunda siif kenneera. Qarshiin baankii qabus miiliyoona kudhan kunoo dabtarri isaa jettee hooteelashee wajjin dhaala laatteef

Akkuma waraabbii olii irraa hubannutti, Qabeenyi maatii Yeroon kanaan dura Solomooniin guuramee mana Qonjiit deeme har'a deebi'ee harka Yerooniin galeera. Kun immoo gammachuu hundaa oliiti. Sababni isaa immoo qabeenya maatiin Yeroon umrii isaanii guutuu itti dadhabanii horatan Solomooniin saamamee harka Qonjiit gale deebi'ee galuu isaatti Yerooniif gammachuu guddaa kenneeraaf. Kanaaf Yaadotni barreeffamicha keessatti argaman dubbistootatti ija xiinsammuutiin yommuu ilaallu gammachuu uumeera. Sababni isaas, namni kamiyyuu waan kansaa ture tokko gaafa shiraan dhabu akkuma gaddu gaafa haqni isaa deebi'eefii galus ni gammada. Akka walii galaatti dubbistootni yaada barreeffama kana keessa jiru keessaa qabeenyi namaa yookiin haqni namaa akkamitti akka deebi'uu sammuu isaanii keessatti suuraa kaasuurra darbee hubachiisuu danda'eera.

4.4.5. Yaadotni asoosamicha keessatti argaman miira dubbistootaa kan gaddisiisan

Barreeffama yookiin asoosamicha keessatti yaadotni dubbistootatti miira gaddaa uumaniifi barreeffamichidhiibbaa inni dubbistootarratti uumuu danda'u akka armaan gadiitti qaacceffameera.

> Naahilaniin ammas xinnoo tarkaanfatee namicha ilaale, "sirriidha! Isadha! jedhe. Namtichi sun garuu nyaarasaa walitti guuree fuulasaa irraa garagalchee qaruuraa biiraa dhugurra ija isaa dhaabe. Qaruuraa biiraa sana akka waan har'a argee dhokatee naannessee ilaala. Ilaalees hin quufu, olis hin jenne.
>
> "Abbaa! Abbaa!" jechaa Naahilaniin itti deeme.
>
> " Dhaqii abbaakee barbaadi" jedhee yoggaa harka olkaasu qodaa akaayii Naahilanii harkarraa lafatti kuffise. Akaayiinsaa simintoorratti bittinsame Naahilaniin yoggaa kana baay'ee rifatee gara balbalaatti fiige. Kana booda baay'ee boo'e (Isaayyaas, 2013, f. 87).

Akkuma waraabbii olii irraa hubachuun danda'amutti Solamoon mucaa dhalche kan koo miti deemii abbaa kee barbaadi jedhee waakkachuurrayyuu akkaayii mucaan gurguraaf qabatee naanna'u harkaa dhangalaaseera. Egaa yaada barreeffama kanaa ija xiinsammuutiin yommuu illaallu solomoon maalif akkas godhe jennee of gaafachuun keenya hin oolu. Sababii Solomoon taatee kana raawwateefis, Solomoon amala badaa qaburraa kan ka'e haadha mucaa kanaa dhiisee gara dubartii hooteela guddaa qabdu tokkotti galeera. Ilmi isaa Naahilaniin immoo achitti isa arguuusaatti nahuudhaan gochaa akkasii raawwate. Gocha kanas akka raawwatu kan taasise, akkataan guddina Solomoon gadhiisiifi kan faayidaa isaa qofa eeggatu ta'uu dubbistootatti agarsiisuurra darbee ilma isaafis iddoo dhabuu agarsiisa. Kanaaf gochi namarraa hin eegamne akkasii immoo darbee darbee hawaasa keessa haa jiraatuyyuu malee gochichi kan jajjabeeffamu otoo hin ta'iin kan xiinsammuu namaa miidhuufi sammuu namaatti miira gaddaa uumudha.

4.5. Asoosama filatame keessatti dhimmootni fedhiiwwan riphaa ilmaan namaa akkaataa itti calaqqisan

4.5.1 Abjuu

Dhalli namaa jiruufi jireenya isaa gaaggeessuuf jecha bu'aa ba'ii hedduu keessa darbee hojii guyyuu isaa gaggeessaa oola. Galgalas hojii isaa xumuree gara mana isaatti yoo galuu boqonnaan qaamaa fi sammuu isaa boqonnaa barbaadu. Qaamaafi sammuu isaa kana hirribaan

boqachiisuu danda'a. Haaluma kanaan waan guyyaa itti yaadda'aafi dhiphataa oole abjuun arguu danda'a. Abjuunis hawaasa Oromoo keessatti akkaataa itti ilaalamuufi hiikamu akkasumas xiinxalamu qaba. Hawaasa Oromoo keessattis yerroo baay'ee abjuudhaaf kan iira jireessaan hiika itti kennan namoota gorora liqimsan yookiin maanguddootadha. Hiikni abjuudhaaf kennamu kun akkaataa hiikni itti kennamuun kan nama gammachiisu, gaddisiisu, naasisu, rifachiisu, dhiphisuufi hawwii namatti hour ta'uu dandaa'a. Dhimmoonni abjuun walqabatanis asoosama kana keessatti akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

Yoggaa weerartee iyyitu Naahilaniin hirriba keessaa ishee dammaqsa.

"Yeruu koo maali? maaltu sitti muldhate?"

" Dhiisi kan hardhaammoo baay'ee suukkanneessaadha…"

"Maaltu sitti muldhateree?"

" Namoota baay'ee taa'anii, habileefi eeboo qabatanii natti dhufan. Jala miliquuf fiignaan tokko nabira gahee funyoodhaan (wadaroodhaan) harka koofi miilla koo na hidhe. Tokkommoo haaduu qabatee boquukoo lafatti gadi naqabe. Tokkommoo harkakoo lamaan hidhame lafatti gadi qabee jilbasaatiin narra ejjete. Tokkommoo miilla koo hidhaman lamaan lafatti gadi naqabe. Inni haaduu qabate naqaluuf natti haggaame" (2013 Isaayyaas, f. 109).

Akkuma yaada armaan olii irraa hubachuun danda'amutti haati Naahilanii Yeroon guyyaa wantoota badaa sammuu isheetti yaadaa ooluu isheetiin abjuun kana fakkaatu kan garmalee sodaachisaafi suukkanneessaa ta'e kana hirriba keessaa arguu dandeesseetti. Hayyuun Froud jedhamus yeroo baay'ee dhimmootni abjuun gara sammuu keenyaatti dhufan wantoota nuti sodaannu akkasumas jibbinu ta'uu isaa ibseera. Kanaafis Yeroon wantoota isheen erga ijoolleen ishee lamaan Naahilanii fi Hedaniin sababa barumsaatiin irraa adda bahanii qophaa ishee jiraachuutti jalqabdee kaasee wantoota ishee sodaachisan, dhiphsaniifi abdii kutachiisantu sammuu isheetti dhufa. Wantoota suukkanneessoo isheen abjuutiin argites kanuma ibsa. Akka walii galaatti abjuun ilaalchaafi fedhii namootni yaada isaaniitiin guyyaa of keessatti yaadaa oolan ta'uu agarsiisa. Egaa akka qeeqa xiinsammuutti akkaataa fedhiiwwan riphaa ilmaan namaa ittiin calaqqisan keessaa abjuun isa tokko yoo ta'u, asoosama kana keessatti dhimmootni abjuun walqabatanii ibsaman muraasa ta'uurraa kan ka'e madaalawaadha jechuun hin danda'amu. Kunis

akkaataa barbaadamutti dhimmootni abjuun walqabatan asoosamicha keessatti calaqqisuu hin dandeenye.

4.5.3. Inaaffaa

Inaaffaan waan namni tokko argatetti gammaduu dhabuu, nama sana jibbuu, ilaalcha gaarii isaaf qabaachuu dhiisuu, jaalala itti agarsiisuu dhabuufi akka waliigalaatti nama sanaaf waan gaarii hawwuu dhiisuufi maqaa isaa sobaan balleessuufi akka inni hawaasa keessatti balaaleffatamuufi jibbamu taasaisu dabalata. Kanaaf namni namatti inaafu gammachuu dhabuurraa kan ka'e karaa isaaf danda'ameen nama itti inaafu sana dhabamsiisuufillee yaalii garaagaraa taasisuu dandaa'a. Yaalii inni irratti taasisu keessaa sammuun isaa akka of wallaalee maraatu, jireenya tasgabbii qabu akka hin jiraanne akkasumas lubbuun lafarraa dhabamsiisuullee ta'uu danda'a. Waraabbiin armaan gadiis kanuma raga nuuf bahuu danda'a.

> Dubartootni lamaan kunneen utuu Yeroon ollaasaaniitti hin galiin dura "gabaa guddaa qabu turan. Erga Yeroon dhuftee garuu iji dhiiraa Yeroon malee garasaanii hin ilaalu. Keessumaa Birqeen Yerooniin balleessuuf yaalii guddaa gooti turte. Haata'u malee haalli isheef hin mijoofne. Yoggaa baay'ee dubartiiayyaana qabdu tokko bira dhaqxi. Dubartittiin kun qaalluudha. Ganda Askoo jiraatti. Dubartii kanarra ayyaana afurtu jira. Wasan gaallaa, Mootii arabaa, Adaalmootiifi Shaanqoo jedhamanidha.Isaan kun hundisaanii ayyaanota "cimoodha" jedhamu gibira isaan barbaadan kennuudha malee kan gaafatan hunda nama raawwatu jedhama.
>
> Naaf ajjeesi jennaan ni ajjeesu, gabaa naaf kenni jennaan ni keennu, naaffisi, madeessi jennaan ni godhu. jedhama. …Birqeenis Yerooniifi ijoolleeshee akka ajjeestu itti himatte (Isaayyaas, 2013, f101). Yeroon siif hadhiistu

Waraabbii olii irraa akkuma hubachuun danda'amutti, Dubartiin Birqee jedhamtu afuura inaaffaan guutamtee Yerooniinfi ijoollee ishee balleessuuf mana qaalluu yeroo deemtutu mul'ata. Birqeenis maalif Yeroonitti inaafuu dandeesse kan jedhu yoo xiinxallu, gabaa isheen hojii sagaagalummaan argachaa turte jalaa gadi bu'uu isaatti aaruudhaan gocha akkasii kana raawwatte. Taateen akkanaa immoo, gara maraatummaatti kan nama geessuufi dhiphina keessaa bahuun hin danda'amnetti nama qajeelchuun jiruufi jireenya namaa jeequurra darbee jireenya hawaasummaa keessaa nama baasa. Taateen Yerooniin mudate kunis, dhugummaan isaa waan

hawaasa keessa jiruun waan walfakkaatuuf, namootni baay'ee taatee kanaan hawaasa keessa jiraataniin miidhamaniiru, kaan ammoo, sammuu isaanii dhabanii daandiitti qullaa isaanii bahaniiru, kanneen biro immoo mana isaanii diiguun ijoolleen guddisa malaee akka haftu taasaisaniiru. Kun hundi walitti dabalamee rakkoo hawaasummaa cimaaf saaxiluurra darbee biyyattiif ba'aa ta'anii akka jiraatanii kan taasisudha.

Waraabbiin armaan gadiis taatee inaaffaan walqabatee duulli maqaballeessii yeroo namfakkii Yeroon jedhamturratti raawwatu nutti agarsiisa.

> Yeroon hafuura haaraadhaan jireenya haaraa jalqabde. Karaa Barkeessaatiin waajjira ministeera barumsaa kutaa galmee keessatti qarshii 182n hojii argatte. Yeroon hojjettuu biiroo erga taatee uffati haaraa bitatte hin jiru. Duri gatii guddaadhaan kan bitamanii al lamallee otoo hin uffatiin dachaa'anii waggoota baay'ee saanduqa keessa kan taa'an baay'ee qabdi. Amma yoggaa gara biirooshee deemtuu, uffata gaarii uffattee, kophee gaarii kaawwattee, filatteefi dibattee miidhagdee, teessee yoggaa barreessitu, dhiirri ishee hin hawwine hin jiru. Birqeefi Kibbinash Yeroon yoggaa biiroo dhaqxee galtu, galgalas mana barumsaatti barachaa dhiisifattee, yoggaa galtu, balbalasaaniirra dhaabbatanii ishee ilaalanii inaaffaadhaan gubatu.
>
> "Muu haadhakoo! Hojjettuun biiroo akkakee hin jirtu!! Ni sobdi hojjettuu biiroo maaliiti kun! balbala manasheerra dhaabbattee dhiira eeguun ta'uufi didnaan karaa irratti sagaagaluuf jooraa oolte galti!" ittiin jedhu (Isaayyas, 2013, f. 112).

Akkuma waraabbii oliirraa hubachuun danda'amutti, namni yeroo jijjiiramee waan sammuu isaa boqochiisu argatee itti gammadee jiruu isaa gaggeessu akkuma gammadu kanneen hafuura inaaffaadhaan guutaman immoo waa gochuu gaafa dadhaban kallattii garaaagaraan duula maqa balleessii namarrtti banu. Maalif akkuma keenya rakkina keessatti hin haftu, maalif darbeef? jedhanii kan gubatanii inaaffadhaan dhukkuba biraa dabalatan hedduudha. Waraabbiin armaan oliis kanuma nutti agarsiisa. Kanaaf akka walii galaatti hojii ogbarruu kana keessatti taateewwan inaaffaa ibsaman waanuma hawaasa keessa kanaan dura turaniifi yeroo ammaas mul'achaa jiran ta'uu mala.

4.5.4. Maraatummaa

Dhiphinni dhimma ijoo xiinsammuu ilmaan namaa waliin walitti dhufu keessaa isa tokko yoo ta'u, Dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti akkasumas jireenya hawaasummaa guyyaa guyyaatti gaggeessaa oolu keessatti namootaan yaadaafi ilaalchaan walitti bu'uu danda'a. Darbees matumasaa waliin walitti bu'uun isaa kan oolu miti. Kun hundi isaa immoo walitti idaa'amee dhiphina sammuu itti fiduu danda'a. Dhiphinni sammuu kunis yoo daangaa isaa darbe maraatummaan isa gahuu danda'a. Kanas Hayyuun Sigmuun Fruud qorannoo namoota dhibee sammuu qabanirratti gaggeesseen bira gahuu danda'eera.

Bu'uuruma kanaan dhimmi maraatummaan walqabatu asoosama Yeroon siif haadhiistu jedhu keessatti mul'atu haala armaan gadiin dhiyaatee jira.

> Yeroon erga ijoolleen ishee irraa fagaatanii kaastee kophaa ishee teessee yaadaan dhipatti. "Yeruu koo ! yoggaa baay'ee sikadhadheen dadhabe. Mana sagada keenyaa wajjin deemna.. Achittis waaqa sii kadhanna jennaan nadidde. Ani maal godhu." jedhee gara Waaqa itti amanutti kadhannaasaa dhageessisee rafa. Guyyaa galgalaafi ganama Naahilaniin gara Waaqasaatti kadhannaa yeroo dhiyeessuu jalqabu Yeroon boqonnaa dhabdi. Gara golaatti baqatti. Yookiin ammo gara alaatti baqatti. Yoggaa kadhannaasaa raawwatu manatti deebiti. Halkan tokko gara sa'aatii sagaliirratti Yeroon sagalee guddaadhaan iyyitee ganda jeeqxe. Naahilaniin ibsaa ibsee ishee dammaqse. "Yeruu koo ! hardhammoo maaltu sitti muldhate?" "Jawween guddaan tokko natti maramee mudhii koottii gadi naliqimsaa dhufe (Isaayyas, 2013, f. 110).

Akkuma waraabbii olii irraa hubachuun danda'amutti, dhiphinni sammuu yoo garmalee baay'achaa deeme gara sammuu ofii dhabuutti kan nama geessuufi jiruufi jireenya ofii jeequurra darbee hawaasa keessaa jiraatan irratti illee dhiibbaa mataa isaa kan qabudha. Egaa taateen Yeroon irra gahe kun kan asoosama kana keessatti qofa daangeffamee hafu otoo hin ta'iin sababoota garaagaraan namoota jiruuf jireenya isaanii keessatti mudataa ooludha jechuun ni danda'ama. Kanaaf, yaadotni asoosamicha keessa jiran kan dhugummaa qabaniifi waan hawaasa keessatti duris ta'e amma akkasumas gara fuula duraatti raawwatamuu malu waan ta'eef, jiruuf jireenya hawaasaa qabatamaan jiru waliin kan walfakkaatudha.

BOQONNAA SHAN : CUUNFAA, ARGANNOO FI KALLATTI GARA FUULA DURAA

Boqonnaan dhumaa kun bakka itti hojiin hojjatame cuunfamee, gabaabinaan kaawamudha. Boqonnaa kan keessatti kaayyoon qorannichaa, ka'umsi qorannichaa fi yaadni dimshaashaa bakka itti ibsamudha. Qorattuunis, hojii qorannoo kana keessatti ragaalee funaanuun erga qaaccessitee booda argannoo qorannicha irraa argame ibsuun yaboon qorannichaas ibsameera.

5.1. Cuunfaa

Ogbarruun hojii kalaqa ilma namaa kan barreessaan wantoota addunyaa dhugaa keessatti mul'atan addunyaa argaa yaadaa keessatti akka mul'atanitti miidhagsee akkaataa sammuu dubbistootaatti toluun bocee barreeffamaan dhiyeessudha. Asoosamni qaama ogbarruu keessaa tokko ta'ee, calaqqee uummataa kan uummatni keessatti of ilaaluufi yaada isaa ittiin ibsatudha. Kaayyoon qeeqa ogbarruu, barruun ogbarruu tokko dubbistoota akka gammachiisu taassisuun dubbistooti barruu sana akka dinqisiifataniif jajjabeessuun, barruu ogbarruu filatame sana gadifageenyaan xiinxaluun wanta dubbisaan barruu sana keessatti akka salphaatti laalee bira darbe sirriitti akka hubatamu taassisanii agarsiisuudha. Qeeqni xiinsammuu hojiilee ogbarruu kallattii dayeessota xiinsammuun kan ibsuufi kan qoratudha. Keessumaayyuu, ka`umsa fedhii keessoo namaa kanneen ibsan irratti xiyyeeffata. Walumaa galatti qorannoon kun gaaffilee qorannoo gurguddoo sadii qabatee kan dhiyaatee yoo a'u tokkoon tokkoon isaaniis akkaataa barbaachisummaa isaaniitti qeeqamanii deebii argataniiru. Qorannoon qeeqa asoosamaa kun

akka deebii qabatamaa kennuu danda'utti qaacceffamee dhiyaateera. Ragaaleen miidhaa xiinsammuu gama hawaasummaatin, diinagdeefi safuutiin namfakkiilee asoosamicha keessatti argaman irra gahe funaanamanii qaacceffamaniiru. Yaadotni asoosamicha keessatti argamanis dubbistoota garamittia akka geessan addaan baheera. Yaadotni asoosamicha keessatti argamanis dubbistoota gara gaabbii, kutannoo, kan gaddisiisu, kan gammachiisu, kan gammachiisee gaddisiisu ta'uun isaa adda bahee qaacceffameera. Gama biraatiin dhimmootni fedhiiwwan riphaa ilmaan namaa abjuun, mararteen, inaaffaafi maraatummaan calaqqisaniiru. Dhumarratti, argannoofi kallattiin garafuulduraa adda bahee taa'eera. Hanqinniifi ciminni asoosamichaas ija yaadxina xiinsammuutiin maal maal akka ta'an ka'amaniiru.

5.2. Argannoo

Qorannoon tokko erga gageeffamee raawwatee booda bu'aa qabeessummaa qorannoo sanaa kan mirkaneessu argannoo qoratttuun sun erga qorannoo sana gaggeessitee booda argattudha. Haaluma kanaan qorattuun qorannichaa, qeeqa xiinsammuu asoosama dheeraa Yeroon siif haadhiistu jedhuun qeequun argannoo yookiin xumura armaan gadiirra geesseetti.

Asoosamicha keessatti taateewwan kanneen akka hawaasummaa, safuufi diinagdeen asoosamicha keessatti kan mul'atan yoo ta'u taateewwan kunniinis gama xiinsammuu namfakkiilee asoosamicha keessatti argaman irratti karaalee garaagaraatiin dhiibbaa irratti taasisaniiru.

Gama hawaasummaatiin namni jiruufi jireenyasaa fooyyessuufi jiraachuuf jecha otoo beekuus ta'e otoo hin beekiin hojii hawaasa keessatti safuu cabsuufi balaaleffannaan isarra gahu hojjachuu danda'a. Rakkoolee xiinsammuu armaan gadiirraa kan ka'es ta'uu dandaa'a. Akkaataa guddinaa, Ilaalcha, namni sun qabu, Hawaasa inni keessatti guddateefi Oolmaan isaa yookiin hariiroo inni hiriyyoota isaa waliin qabu murteessoodha.

Yaadotni barreeffamicha keessatti argaman dubbistoota gara kallattii armaan gadiitti qajeelchaniiru. Isaanis: Kan miira gaabbii yookiin ceephoo namatti horan, Kan miira kutannoo namatti horan,Kan miira gammachiisee deebisee nama gaddisiisu namatti horan, Kan miira gaddaa namatti horaniifi Kan miira gammachuu namatti horan ta'uun qorannoo kanaan mirkanaa'eera. Asoosamicha keessattis dhimmootni fedhiiwwan riphaa ilmaan namaa haalota

armaan gadii keessatti mul’ataniiru yookiin calaqqisaniiru, Inaaffaan, Abjuun, Mararteenfi, Maraatummaan calaqisaniiru

5.3. Kallattii Gara fuuladuraa

Qaaccessa asoosama kanaa keessatti haala boqonnaa sadii jalatti ulaagaalee tuqamanii qaaccessuuf yaalametti hojiin kalaqaa kun akkuma cimina mataa isaa qabu, hanqinas qabaachuun isaa adda baafameera. Hanqinaalee mul’atan kana adda baasuu qofa osoo hin taane, yaadni fooyya’insaa waliin ka’amee jira. Kanaafuu, yaadoleen akka hanqinaatti ka’an kunniin haala armaan gadiitiin otoo fooyya’e caalmaatti hojiin ogbarruu sun gaarii fi amanamaa ta’a jedhamee amanama. Hojiin ogbarruu kun dhimmoota amantaan walqabatan heedduu keesumaayyuu amantaa prooteestaantii irratti harki caalaan waan hundaa’eef otoo madaalawaa ta’ee gaarii ta’a.

Akkaataan hojiin ogbarruu kun itti dhiyaate dubbistootaaf kana caalaatti otoo hubannoogama hundaan kennu danda’ee filatamaadha. Hojii ogbarruu kana keessatti dhimmootni xiinsammuu waliin wal qabatan muraasa ta’uu isaarraa kan ka’e bal’isanii qeequuf daangaa dhiphaa waan qabuuf barreessitootni ogbarruu kana kara fuuladuraatti otoo hubannoo keessa galchanii barreessanii gaarii ta’a. Gara fuula duraatti qorattootni biroos otoo asoosama kanaarratti yaadxina biraattiin qorannoo biroo gaggeessani bu’aa qabeessa ta’uu danda’u.

Dabalee

Lakk.	Gaafilee Xiyyeeffannoo	Yaada
1	Asoosama Yeroon siif haastuu keessatti dhimmoonni Gaabbii ibsanu haala kamiin ibsamani?	
2	**Yaadotni asoosamicha keessatti argaman dubbistootatti kutannoo akkamii uumani?**	
3	**Miidhaan xiinsammuu gama hawaasummaatin uumame maali?**	
4	**Yaadotni asoosamicha keessatti argaman dubbistootatti gaabbii akkamii uumani?**	
5	**Yaadotni asoosamicha keessatti argaman xiinsammuu dubbistoota garamitti qajeelchani?**	
6	**Gama diinagdeetiin miidhaan uumame akkamitti furame?**	
7	**Safuun gama nam-fakkiilee asoosamichaatiin cabe maalii?**	

Wabiilee

Alamituu Olii (2012) Ogbarruudhaan Afaan Barsiisuu: Jimmaa. Oromiyaa.

Asaffaa Tafarraa (2009). *Eela*: Seenaa Oguma Oromoo. Finfinnee. Fareast Trading PLC.

Ayyalaa Dabaloo. (2017). *Xiinxala Hiika Abjuu Oromoo Godina Wallaggaa Bahaa*

Bilisee Irranaa (2013) "Qeeqa Xiinsammuu Asoosamoota dhedheeroo Yaadafi Madaa Ciqilee

Birhaanuu G/ Tsaadiq. (2008). *Axeqaalaay Ye Amaarinyaa Quwaanqaa Timirt Memariya*. Addis Ababaa: Barakat Matemiya Bet.

Birhanu Mathews (2009). *Fandamentals of Literature*. Addis Ababa:Alpha Printers PLC.

Challan (1978:44) Lazar, G. (2009) Literature and Language teaching.combridge university Press UK

Dastaa Dassaalany. (2002). *Bu'uura Qorannoo.* Addis Ababaa: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Diyanni R. (1998*). Literature:Reading Fiction, Poetry, and Drama.* Boston: McGraw-Hill campanies.

Ellis, J. (1974, f.54). *The Theory of Literary Criticism, A logical Analysis.*USA: University of California Press Ltd.

Faantaahun Alamuu. (2005). *Qeeqa Asoosama Dhangala'aa Hawwiifi Yeroon siif Hadhiiftu ija Yaaxxina Feeminizimiin.* Yuunivarsiitii Wallaggaa (Waraqaa Qorannoo MA kan Hinmaxxanfamiin).

Fedhasaa Taaddasaa (2013). *Subii: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Oromiyaa

Fedhasaa Taaddasaa. (2017). *Bu'uuralee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Oromiyaa.

Habib (2005,f.1). *A History of Literary Criticism from Plato to Present.* USA: published by Blackwell Ltd.

Isaayyaas Hordofaa, (2013) Asoosama Yeroon Siif Haadhiistu, maxxansa lammaffaa, Finfinnee Far East trading.

Lazar, G. (2009)Literature and Language teaching.combridge university preessUK

Leitch etal, (1994,f.28). Litrature its broadestanse any written work.

Melakneh Mengistu .(2006). *Fundamentals of Literature.* Addis Abeba: Addis Abeba University.

Misgaanuu Gulummaa (2012). *YANDOO: Ogummaa fi Og_walaloo* Oromoo. Finfinnee Oromiyaa.

Meyer, M. (2005). *The Bedford Introduction to Literature*.University of Connectiut. 7th.edition. Boston, Newyork.

Murteessaa Bakar. (2018). *Xiinxala Asoosama Yaadaa: Yaadxina Safuu Hawaasaatiin. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Qophaa'e.* Yunvarsiitii Jimmaa. Kan Hinmaxxamfamne.

Meyer, M. (2005). *The Bedford Introduction to Literature*.University of Connectiut. 7th.edition. Boston, Newyork.

Misgaanuu Gulummaa (2012). *YANDOO: Ogummaa fi Og_walaloo* Oromoo. Finfinnee Oromiyaa.

Sigmund Freud(1900).The Interpretation of Dreams.3rd edition.

Sigmund Freud (1971). Sychoanalysis Theory.

Zarihuun Asfaawu. (1998). *Yesinetsihuf Meseretawiyan*. Addis Abeba: Nigdi Matemiya Bet.

ዘሪሁን አስፋው። (2003) ። *የሥነጽሑፍ መሰረታውያን*። አዲስ አበባ፤ ንግድ ማተሚያ ድርጅት።

Encyclopedia of Educational psychology, (2008, f. 815).